Waggaa 29 ffaa..... Lak. .........14/2013
29ኛ ዓመት........ቁጥር...........14/2ሺ.13
29th year ........... No. ............14/2013

Finfinnee,......Guraandhala 21 Bara 2013
ፊንፊኔ፣................የካቲት 21 ቀን 2ሺ.13 ዓ.ም
Finfine,.........................February 28, 2021

# MAGALATA OROMIYAA
L µ E p ‰ Z M ë ¦
# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo ............. Qarshii 20.80<br>የአ¿«é ”¶ ....................... ብር 20.80<br>Unit Price ......................... Birr 20.80 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት<br>በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>የፖ.ሳ.ቁጥር .................21383-1000<br>P.O.Box ....................... 21383-1000 |

| QABIYYEE | ማውጫ | CONTENT |
|---|---|---|
| **Labsii Lak. 234/2013**<br>Labsii Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 234/2013 ....................................Fuula 1 | **አዋጅ ቁጥር 234/2013**<br>የኦሮሚያ ክልል የገበያ እና ግብርና ምርቶች ጥራት ቁጥጥር ሥርዓትን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 234/2013 ......................ገጽ 1 | **Proclamation No. 234/2021**<br>Proclamation to Determine Oromia Region Market and Agricultural Products Quality Control System, Number 234/2021 .....................................Page 1 |

## Labsii Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 234/2013

Sirna gabaa oomishaalee qonnaa hammayyaa'aa, si'ataa fi haqa qabeessa ta'e diriirsuun oomishni qonnaa qulqullinaa fi sadarkaa isaa eeggate baay'inaa fi yeroodhaan gabaaf akka dhiyaatu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Oomishaa fi oomishtummaa qonnaa ol guddisuun fayyadamummaa oomishitootaa fi fayyadamtootaa dabaluun daldaltoota gidduutti dorgommiin gabaa haqa qabeessa ta'e uumamee hawaasnis ta'ee naannoon keenya faayidaa oomishaalee qonnaa irraa argachuu qabu akka argatu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

## የኦሮሚያ ክልል የገበያ እና ግብርና ምርቶች ጥራት ቁጥጥር ሥርዓት ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 234/2013

ዘመናዊ፣ ፈጣን እና ፍትሃዊ የሆነ የግብርና ምርቶች የግብይት ሥርዓትን በመዘርጋት የግብርና ምርት ጥራትና ደረጃውን ጠብቆ በብዛት እና በወቅቱ ለገበያ እንዲቀርብ ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

የግብርና ምርት እና ምርታማነትን በማሳደግ የአምራቾች እና የተጠቃሚዎችን ጥቅም በመጨመር በነጋዴዎች መካከል ፍትሃዊ የሆነ የገበያ ውድድር ተፈጥሮ ሕብረተሰቡም ይሁን ክልላችን ከግብርና ምርቶች ማግኘት የሚገባውን ጥቅም እንዲያገኝ ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

## Proclamation to Determine Oromia Region Market and Agricultural Products Quality Control System, Number 234/2021

WHEREAS, it has become essential to establish modern, speedy and fair market system of agricultural products and thereby ensure abundant and timely supply of quality and standard level agricultural products for the market;

WHEREAS, it is found necessary to through promoting the benefits of producers and beneficiaries with the increment of agricultural production and productivity so as to enable the creation of fair market competition amongst the business men or traders and thereby make the society and our region acquire the required benefits from the agricultural productions;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mataduree Gabaabaa**
Labsiin kun "Labsii Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 234/2013" jedhamee wamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**
Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

1) "Fayyadamtoota" jechuun hojii oomishaaf yookiin deebisee gurguruuf osoo hin ta'in gatii isaa ofii isaa yookiin namni biroo kan kaffaluuf ta'ee faayidaa dhuunfaa isaaf yookiin maatii isaatiif kan oolu oomishaalee qonnaa yookiin tajaajilaa kan bitu nama uumaamaa jechuudha.
2) "Tajaajila Kennitoota" jechuun dhaabbilee tajaajila kennan kan akka Hooteelaa, manneen nyaataa fi dhugaatii jechuudha.
3) "Oomishaa Hin Bilchaatiin" jechuun oomisha qonnaa yeroon sassaabbii yookiin funaanuu isaa hin geenye jechuudha.
4) "Safartuu fi meeshaa madaallii ammayyaa'aa" jechuun kiilograama, meetiraa fi liitira qaama aangoo qabuun sirrummaan isaa mirkanaa'ee beekamtiin kennameef jechuudha.
5) "Seektaroota Qonnaa" jechuun seektaroota bu'uura seera rogummaa qabuutiin Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumaama Oromiyaatiif ittiwaamaman jechuudha.
6) "Al-ergitoota" jechuun oomishaalee qonnaa fi bu'aa oomishaalee qonnaa gabaa biyya alaatiif kan ergan jechuudha.
7) "Beeyilada" jechuun horii gaanfaa, hoolaa, re'ee, gaala, lukkuu, farda, harree, gaangee, qurxummii, kanniisaa fi beeyiladoota biroo fuulduratti 'beeyilada' jedhamuun Ejensii Misooma Qabeenya Beeyiladaa Oromiyaatiin seeraan moggaafaman ni dabalata.

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ሕገ መንግሥት አዋጅ ቁጥር 46/1994 አንቀፅ 49 (3) (ሀ) መሠረት የሚከተለው ታዉጇል፡፡

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

1. **አጭር ርዕስ**
ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ክልል የገበያ እና ግብርና ምርቶች ጥራት ቁጥጥር ሥርዓት ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 234/2013" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

2. **ትርጓሜ**
የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

1) "ተጠቃሚዎች" ማለት ለምርት ሥራ ወይም መልሶ ለመሸጥ ሳይሆን ዋጋውን እራሱ ወይም ሌላ ሰው የሚከፍልለት ሆኖ ለግል ፍጆታው ወይም ለቤተሰቡ የሚውል የግብርና ምርት ወይም አገልግሎት የሚገዛ የተፈጥሮ ሰው ማለት ነው፡፡
2) "አገልግሎት ሰጪዎች" ማለት አገልግሎት የሚሰጡ ድርጅቶች፣ ሆቴሎች፣ ምግብ ቤቶች እና መጠጥ ቤቶች ማለት ነው፡፡
3) "ያልደረሰ ምርት" ማለት የመሰብሰቢያ ወይም የመልቀሚያ ጊዜው ያልደረሰ የግብርና ምርት ማለት ነው፡፡
4) "መለኪያና ዘመናዊ መመዘኛ መሣሪያ" ማለት ትክክለኛነቱ አግባብነት ባለው ባለሥልጣን ተረጋግጦ ዕውቅና የተሰጠው ኪሎ ግራም፣ ሜትር እና ሊትር ማለት ነው፡፡
5) "የግብርና ሴክተሮች" ማለት አግባብነት ባለው ሕግ ተጠሪነታቸው ለኦሮሚያ ግብርና እና ተፈጥሮ ሀብት ቢሮ የሆኑ መሥሪያ ቤቶች ናቸው፡፡
6) "ላኪዎች" ማለት የግብርና ምርቶችንና የግብርና ምርት ውጤቶችን ለውጪ ገበያ የሚልኩ ማለት ነው፡፡
7) "እንስሳት" ማለት የቀንድ ከብቶች፣ በግ፣ ፍየል፣ ግመል፣ ዶሮ፣ ፈረስ፣ አህያ፣ በቅሎ፣ ዓሣ፣ ንብ እና ሌሎች ወደፊት እንስሳት ተብሎ በኦሮሚያ እንስሳት ሃብት ልማት ኤጀንሲ በሕግ የሚሰየሙትን ይጨምራል፡፡

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49 (3) (a) of the Revised Oromia Regional State Constitution, Proclamation Number 46/2001, it is hereby proclaimed as follows:

## Part One
## General Provisions

1. **Short Title**
This proclamation may be cited as "Proclamation of Oromia Region Market and Agricultural Products Quality Control System, Number 234/2021."

2. **Definitions**
Unless the context requires otherwise, in this proclamation:

1) "Beneficiaries" means a natural person who buys agricultural productions or services for his individual or his family's benefits not for the purpose of production or not to sell, the price of which may be paid by himself or other person.
2) "Service Providers" means service providing organizations such as Hotels, Restaurants and drinking houses.
3) "Unripen Product " means an agricultural product which its harvest or collecting season has not yet reached.
4) "Modernized Measurement and Balance" means kilogram, meter and liter accuracy of which is approved and given recognition by authorized body.
5) "Agricultral Sectors" means the sectors accountable to Oromia Agriculture and Natural Resources Bureau in accordance with the relevant law.
6) "Exporters" means those who export agricultural products and by-product of agricultural products for the foreign markets.
7) "Livestock" means horn animals, sheeps, goats, camels, chickens, horses, donkeys, mules, fish, Bees and include other livestock to be designated as such by Livestock Resources Development Agency of Oromia.

8) “Biiroo” jechuun Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Oromiyaati.

9) “Daldalaa Jimlaa” jechuun nama qaama rogummaa qabu irraa waraqaa ragaa gahumsaa fi hayyama hojii daldalaa jimlaa oomishaalee qonnaa argateen bitee daldaltoota qinxaabootiif raabsu yookiin gurguru jechuudha.

10) “Daldalaa Qinxaaboo” jechuun nama oomishaalee qonnaa oomishaa, daldalaa jimlaa, dhiyeessaa yookiin qindeessaa irraa bitee fayyadamtootaa fi tajaajila kennitootaatti gurguru jechuudha.

11) “Daldalaa” jechuun nama hojii daldalaa ogummaa isaa taasisee faayidaa isaaf malu argachuuf hojiiwwan seera daldalaatiin tarreeffaman yookiin tajaajiloota kennaman yookiin hojiiwwan seerota birootiin hojii daldalaati jedhaman kan hojjetu jechuudha.

12) “Dhiyeessitoota” jechuun waldaalee hojii gamtaa, daldaaltootaa fi dhaabbilee qaama aangoon kennameef irraa waraqaa ragaa mirkaneessaa gahumsaa fi hayyama hojii daldala oomishaalee qonnaa dhiyeessuu argatanii oomisha qonnaa oomishitoota irraa walitti qabuun daldaltoota jimlaa, qindeessitootaa, al-ergitootaa fi fayyadamtoota dhaabbilee mootummaa fi dhuunfaatiif dheyeessan jechuudha.

13) “Ejensii” jechuun Ejensii Misooma Gabaa Oromiyaa fi Caasaalee isaa sadarkaan jiran jechuudha.

14) “Giddugala Gabaa” jechuun iddoo bulchiinsa Aanaatiin yookiin Magaalaatiin bittaa fi gurgurtaa oomishaalee qonnaa itti gaggeessuuf daangeffame yookiin ijaaramee fi gara fuulduraattis daangeffamu yookiin ijaaramu jechuudha.

8) “ቢሮ” ማለት የኦሮሚያ ግብርና እና የተፈጥሮ ሀብት ቢሮ ነው፡፡

9) “ጅምላ ነጋዴ” ማለት አግባብነት ካለው አካል ባገኘው የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት እና የግብርና ምርት ጅምላ የንግድ ሥራ ፈቃድ የግብርና ምርትን ገዝቶ ለቸርቻሪ ነጋዴዎች የሚያከፋፍል ወይም የሚሸጥ ማለት ነው፡፡

10) “ቸርቻሪ ነጋዴ” ማለት የግብርና ምርቶችን ከአምራቾች፣ ከጅምላ ነጋዴ እና አቅራቢዎች ወይም አቀናባሪ ላይ ገዝቶ ለተጠቃሚ ወይም ለአገልግሎት ሰጪዎች የሚሸጥ ማለት ነው፡፡

11) “ነጋዴ” ማለት የንግድ ሥራን ሙያው አድርጎ የሚገባውን ጥቅም በማግኘት በንግድ ሕግ የተቀመጡትን ሥራዎች ወይም የሚሰጡ አገልግሎቶችን ወይም በሌሎች ሕጎች የንግድ ሥራ የተባሉትን ሥራዎች የሚሠራ ማለት ነው፡፡

12) “አቅራቢዎች” ማለት የህብረት ሥራ ማህበራት፣ ነጋዴዎች እና ሥልጣን ከተሰጠው አካል የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት እና የግብርና ምርት አቅራቢነት የንግድ ሥራ ፈቃድ አግኝተው የግብርና ምርትን ከአምራቾች በመሰብሰብ ለጅምላ ነጋዴዎች፣ ለአቀናባሪዎች፣ ለላኪዎች፣ ለመንግሥት እና ለግል ድርጅቶች የሚያቀርብ ማለት ነው፡፡

13) “ኤጀንሲ” ማለት የኦሮሚያ ገበያ ልማት ኤጀንሲና በየደረጃው ያሉ መዋቅሮቹ ማለት ነው፡፡

14) “የገበያ ማዕከል” ማለት በወረዳና በከተማ አስተዳደር ግብይት እንዲካሄድበት የተከለለ ወይም የተገነባ እና ወደ ፊትም የሚከለል ወይም የሚገነባ ማለት ነው፡፡

8) "Bureau" means Oromia Agriculture and Natural Resources Bureau.

9) "Wholesale Trader" means a person who by using the competency certificate and agricultural products wholesale trade license he acquired from appropriate body buys and distributes or sells for retailers.

10) "Retailer" means person who buys agricultural products from the producer, wholesaler, supplier or processor and sells to the consumers and service providers.

11) "Trader" means person who by using trade (business) activity as his profession and with a view to acquire benefits carry out activities or services to be provided which are isted under commercial law oractivities called as trade (business) activities by other laws.

12) "Suppliers" means the cooperative associations, traders(businessmen), organizations by acquiring the competency certificate and agricultural products trade supplying license from authorized body, collectagricultural products from producers and supply for wholesale traders, processors, exporters and consumers of public and private enterpreses.

13) "Agency" means Oromia Market Development Agency and its structures foud at different hierarchy.

14) "Market Center" means an area enclosed or constructed or to be enclosed or to be constructed in the future by the district or city administration for conducting marketing of agricultural products.

15) “Hayyama Hojii Daldalaa Oomishaalee Qonnaa” jechuun hayyama hojii daldalaa sirna gabaa oomishaalee qonnaa keessatti hirmaachuuf dandeessisuu fi qaama aangoo qabuun kennamu jechuudha.

16) “Hojii Daldalaa” jechuun hojii namni bu’uura Labsii kanaatiin daldalaa jedhamee hiikame hojjetu kamiiyyuu jechuudha.

17) “Meeshaalee Sakatta’iinsaa” jechuun meeshaalee qulqullinni oomishaalee qonnaa fi bu’aan oomishaalee qonnaa ittiin sakatta’amu kamiiyyuu jechuudha.

18) “Naannoo” jechuun Naannoo Oromiyaati.

19) “Mana Marii Bulchiinsaa” jechuun Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

20) “Oomishtoota” jechuun qonnaan bultoota yookiin horsiisee bultoota, waldaalee hojii gamtaa, waldaalee interpiraayizii maayikiroo fi xixiqqaa, dhaabbilee qonnaa mootummaa yookiin dhuunfaan yookiin kanneen waliigaltee qonna kontiraataatiin oomishan dabalatee oomishaalee qonnaa oomishuun yookiin beeyilada horsiisuun gabaadhaaf kan dhiyeessan kamiiyyuu jechuudha.

21) “Oomishaalee Qonnaa” jechuun midhaan biilaa, agadaa, dheedhii,zayitaa fi dibataa, kuduraa fi muduraa, mi’eessituu fi urgeessituu, jimaa, buna, baala shaayii, bosonaa fi bu’aa bosonaa, beeyiladaa fi bu’aa beeyiladaa fi kana boodas Biirichaan oomishaalee qonnaa jedhamuun seeraan kan moggaafaman jechuudha.

22) “Qindeessaa” jechuun qaama dhimmi ilaalu irra waraqaa ragaa gahumsaa fi hayyama hojii daldalaa baafachuun oomishaalee qonnaa bitee warshaa keessatti qopheessuun sona itti dabalee bu’aa adda addaatti jijjiiruudhaan gabaaf dhiyeessu jechuudha.

15) “የግብርና ምርት ንግድ ሥራ ፈቃድ” ማለት በግብርና ምርት ግብይት ሥርዓት ውስጥ ለመሳተፍ የሚያስችል አግባብነት ባለው ባለሥልጣን የሚሰጥ የንግድ ሥራ ፈቃድ ማለት ነው።

16) “የንግድ ሥራ” ማለት ማንኛውም በዚህ አዋጅ መሠረት ነጋዴ ተብሎ ትርጉም የተሰጠው ሰው የሚሰራ ስራ ነው።

17) “የመፈተሻ መሣሪያ” ማለት ማንኛውም የግብርና ምርትና የግብርና ምርት ውጤት ጥራት የሚፈተሽበት መሳሪያ ማለት ነው።

18) “ክልል” ማለት የኦሮሚያ ክልል ነው።

19) “የመስተዳደር ምክር ቤት” ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት አስተዳደር ምክር ቤት ነው።

20) “አምራቾች” ማለት አርሶ አደሮች ወይም አርብቶ አደሮች፣ የሕብረት ሥራ ማህበራት፣ የጥቃቅንና አነስተኛ ማህበራት ኢንተርፕራይዝ፣ የመንግስት ድርጅት ወይም በግል ወይም በሌሎች በግብርና ውል ስምምነት የሚያመርቱትን ጨምሮ ማንኛውንም የግብርና ምርት በማምረት ወይም እንስሳትን በማርባት ለገበያ የሚያቀርቡ ማለት ነው።

21) “የግብርና ምርቶች” ማለት የብዕርና የአገዳ፣ ጥራጥሬ፣ ዘይትና ቅባት እህሎች ፣አትክልትና ፍራፍሬ፣ ቅመማ ቅመም፣ ጫት፣ ቡና፣ ሻይ ቅጠል ምርቶች፣ ደንና የደን ውጤቶች፣ እንስሳትና የእንስሳት ውጤቶች እና ከዚህ በኊላም የግብርና ምርቶች ተብለው በቢሮው በህግ የሚሰየሙ ማለት ነው።

22) “አቀናባሪ” ማለት ከሚመለከተው አካል የብቃት ማረጋገጫ ወረቀትና የንግድ ሥራ ፈቃድ በማውጣት የግብርና ምርቶችን ገዝቶ በማቀናበሪያ ፋብሪካ ውስጥ በማዘጋጀት እሴት ጨምሮበት ወደ ተለያዩ ውጤቶች በመቀየር ለገበያ የሚያቀርብ ማለት ነው።

15) "Agricultural Products Trade License" means a trade license that help to take part in the agricultural products market system issued by the authorized body.

16) "Trade Activity" means any activity carried out by the person defined as trader in accordance with this proclamation.

17) "Testing Equipment" means any equipment used for testing the quality of agricultural products and byproducts.

18) "Region" means Oromia Region.

19) "Administrative Council" means Oromia Regional Government Administrative Council.

20) "Producers" means the farmers or pastoralists, cooperative societies, micro and small scale enterprises, public or private agricultural organizations or any one who produce agricultural products or rear livestock and supply to markets including those who produce with temporary agricultural contracts.

21) "Agricultural Products" means cereals, crops, oilseeds and ointments, vegetables and fruits, spices and scents, chat, coffee, tea, forest and forest products, livestock and their byproducts and those to be legally designated asagricultural products by the Bureau in the future.

22) “Processor”meansone who acquiring competency certificate and trade activity license from the concerned body buysagricultural products and process them in the factories to convert them in to various products by adding value on them and supply to markets.

23) “Sirna Gabaa” jechuun hojimaata bittaa fi gurgurtaa oomishaaleen qonnaa ittiin bitamu, gurguramu, kuufamu, geejjibamu, qindaa’uu fi raabsamu jechuudha.

24) “To’ataa” jechuun ogeessa sirni gabaa fi qulqullina oomishaalee qonnaa bu’uura Labsii kanaatiin hojiirra ooluu isaa hordofuu fi to’atu jechuudha.

25) “Waldaa Hojii Gamtaa” jechuun namoonni rakkoowwan diinagdee, hawaasummaa fi fedhii isaanii biroo waliin ta’uun hiikkachuuf kaayyoo walfakkaataa qaban fedhiidhaan kan hundeessan, abbummaa waliiniitiin kan bulchan, bu’uura qajeeltoo waldaalee hojii gamtaatiin kan hoogganamanii fi karaa dimokiraatawaa ta’een kan to’atan waldaa hojii gamtaa ofdanda’ee qaama seerummaa qabuudha.

26) “Waraqaa Darbiinsaa” jechuun waraqaa oomishaalee qonnaa iddoo seeraan hayyamame irraa qaama hayyama qabuun bitamee yookiin oomishamee gara iddoo hayyamameefitti geessuuf seera qabeessa ta’uu isaa mirkaneessu ta’ee, oomishtootaa fi daldaltootaaf qaama aangoo qabuun kan kennamu jechuudha.

27) “Waraqaa Ragaa Mirkaneessa Gahumsaa” jechuun sirna bittaa fi gurgurtaa oomishaalee qonnaa keessatti hirmaachuuf ulaagaa taa’e kan guuteef ragaa kennamu jechuudha.

28) “Nama” jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.

## 3. Ibsa Koorniyaa

Labsii kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

23) “የገበያ ሥርዓት” ማለት የግብርና ምርቶች የሚገዛበት፣ የሚሸጥበት፣ የሚከማችበት፣ የሚጓጓዝበት፣ የሚቀነባበርበትና የሚሰራጭበት የግብይት ሥርዓት ማለት ነው፡፡

24) “ተቆጣጣሪ” ማለት የግብይትና የግብርና ምርት ጥራት ሥርዓት በዚህ አዋጅ መሠረት ሥራ ላይ መዋሉን የሚከታተልና የሚቆጣጠር ባለሙያ ነው፡፡

25) “የህብረት ሥራ ማሕበር” ማለት የምጣኔ ሀብት፣ የማህበራዊ እና ሌሎች ፍላጎቶቻቸውን በጋራ በመሆን ተመሳሳይ ዓላማ ያላቸው ሰዎች በፍላጎት ያደራጁት በጋራ ባለቤትነት የሚያስተዳድሩት በህብረት ሥራ ማህበራት መርሆች መሰረት የሚመሩትና ዲሞክራሲያዊ በሆነ መንገድ የሚቆጣጠሩት ሕጋዊ ሰውነት ያለው ራሱን የቻለ ማህበር ነው፡፡

26) “የይለፍ ወረቀት” ማለት የግብርና ምርቶች በሕግ ከተፈቀደው ቦታ ፈቃድ ባለው አካል ተገዝተው ወይም ተመርተው ፈቃድ ባለው አካል ወደ ተፈቀደለት ቦታ ለመውሰድ ሕጋዊ መሆኑን የሚያረጋግጥ ሆኖ ሥልጣን ባለው አካል ለአምራቾች እና ለነጋዴዎች የሚሰጥ ማለት ነው፡፡

27) “የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት” ማለት በግብርና ምርት ግብይት ሥርዓት ውስጥ ለመሳተፍ የተቀመጠውን መስፈርት ላሟላ የሚሰጥ ማስረጃ ማለት ነው፡፡

28) “ሰው” ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ማለት ነው፡፡

## 3. የፆታ አገላለፅ

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀ ማንኛውም ቃል የሴት ፆታንም ይጨምራል፡፡

23) “Market System” means the market working practice where by the agricultural products can be bought, sold, stored, transported, processed and distributed.

24) “Supervisor”means a professional who follows up and controls the implementation of the market system and quality of agricultural products in accordance with this proclamation.

25) “Cooperative Associations” means an autonomous cooperative society having legal personality voluntarily established by persons with similar objective to solve their problems of economic, social and other needs together; which they administer in joint ownership; governed in accordance with principles of cooperative societies and control it democratically.

26) “Pass permt” means a paper sheet ascertaining the legality of agricultural products are bought or produced from legally authorized place by the body having license and transported to authorized place, which is provided for producers and traders by the body having power.

27) “Competency Assurance Certificate” means evidence provided for the one who fulfills the criteria required to engage in the guying and selling system of agricultural products.

28) "Person" means natural or juridical person.

## 3. Gender Reference

In this proclamation, any term expressed in masculine gender shall apply for feminine gender.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

1) Labsiin kun qaamolee sirna gabaa oomishaalee qonnaa Naannoo Oromiyaa keessatti kallattiinis ta'ee alkallattiin hirmaatanii fi raawwachiisan kamiiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Labsiin kun iddoowwan gabaa baajata Mootummaa Naanniichatiin akkaataa barbaachisummaa isaatti Naannichaan alatti ijaraman irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**Kutaa Lama**
**Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa**

**5. Iddoo Bittaa fi Gurgurtaa Oomishaalee Qonnaa**

Bittaa fi gurgurtaan oomishaalee qonnaa bu'uura Labsii kanaatiin giddugala gabaa seeraan daangeffamee fi hayyamame keessatti qofa kan gaggeeffamu ta'a.

**6. Giddugala Gabaa Oomishaalee Qonnaa Sadarkaa Jalqabaa**

1) Moggaasni maqaa, ijaarsii fi bulchiinsi giddugala gabaa oomishaalee qonnaa sadarkaa jalqabaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

2) Seerota birootiin kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, giddugala gabaa sadarkaa jalqabaa keessatti bittaa fi gurgurtaan oomishaalee qonnaa gaggeefamu:

(a) Oomishitoota gidduutti; yookiin

(b) Oomishitootaa fi bitattoota kan ta'an Waldalee Hojii Gamtaa, Yuuniyeenii fi Federeeshinii Waldaa Hojii Gamtaa, Qindeessitoota, Daldaaltoota Jimlaa, Dhiyeessitoota, Daldaaltoota Qinxaaboo fi Fayyadamtoota gidduutti ta'a.

**4. የተፈፃሚነት ወሰን**

1) ይህ አዋጅ በኦሮሚያ ክልል የግብይት ሥርዓት ውስጥ በቀጥታም ሆነ በተዘዋዋሪ በሚሳተፉና በሚያስፈፅሙ ማናቸውም አካላት ላይ ተፈፃሚነት ይኖረዋል፡፡

2) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ይህ አዋጅ በክልሉ መንግሥት በጀት እንደ አስፈላጊነቱ ከክልሉ ውጪ በሚገነቡ የገበያ መዕከላት ላይ ተፈፃሚነት ይኖረዋል፡፡

**ክፍል ሁለት**
**የገበያ እና ግብርና ምርቶች ጥራት ቁጥጥር ሥርዓት**

**5. የግብርና ምርቶች የግብይት ቦታ**

የግብርና ምርቶች ግብይት በዚህ አዋጅ መሠረት በሕግ በተከለለ እና በተፈቀደ የገበያ ማዕከል ውስጥ ብቻ የሚከናወን ይሆናል፡፡

**6. የመጀመሪያ ደረጃ የግብርና ምርቶች የግብይት ማዕከል**

1) የመጀመሪያ ደረጃ የግብርና ምርቶች የግብይት ማዕከል የስም ስያሜ፤ ግንባታ እና አስተዳደር በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፤

2) በሌሎች ሕጎች የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ በመጀመሪያ ደረጃ የገበያ ማዕከል ውስጥ የግብርና ምርቶች ግብይት የሚከሄደው፡-

(ሀ) በአምራቾች መካከል፤ ወይም

(ለ) በአምራቾች እና ገዢዎች በሆኑት የህብረት ሥራ ማህበራት፣ በህብረት ስራ ማህበራት ዩኒዮን እና ፌዴሬሽን፣ በአቀናባሪዎች፣ ጅምላ ነጋዴዎች፣ አቅራቢዎች፣ ችርቻሮ ነጋዴዎች እና ተጠቃሚዎች መካከል ይሆናል፡፡

**4. Scope of Application**

1) This proclamation shall be applicable to all bodies that directly or indirectly take part in and cause implementation of Agricultural Products Market System of Oromia Region.

2) Without prejudice to the provision under sub article 1 of this article, this proclamation shall be applicable to market places constructed by the Regional Government Budget outside the region as may be necessary.

**Part Two**
**Agricultural Products Market and Quality Control System**

**5. Agricultural products Buying and Selling Place**

The buying and selling of agricultural products shall be conducted only in a market center legally enclosed and permitted in accordance with this proclamation.

**6. First Level Market Center of Agricultural products**

1) Nomenclature, construction and administration of first level market center of agricultural products shall be determined by the regulation to be issued.

2) Without prejudice to the provision by other laws, thebuying and selling of agricultural products to be conducted inthe first level market center shall be:

(a) Among the producers; or

(b) Among the producers and the buyers namely Cooperative Societies, Cooperative Unions and Federations, Processors, Wholesale Traders, Suppliers, Retailers and Consumers

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (b) jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, oomishaalee qonnaa al-ergitoonni giddugala gabaa sadarkaa jalqabaa keessa galanii bituu danda'an Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
4) Seerota birootiin kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, bu'uura Labsii kanaatiin oomishaaleen qonnaa ooyiruu qonnaan bulaa irratti gurguramuu danda'an aannan, kuduraa, muduraa, jimaa, baala shaayii, bosona gurguruuf hayyamame qofa yammuu ta'an, qaamni ooyiruu irratti bituu danda'u Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 hanga 4 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, oomishaalee qonnaa waliigaltee qonnaa kontiraataatiin oomishaman waliigaltee kennaan bu'uura waliigaltee isaatiin bituu ni danda'a.
6) Giddugala gabaa sadarkaa jalqabaa keessatti gatiin bittaa fi gurgurtaa oomishaalee qonnaa kan murtaa'u sadarkaa qulqullinaa fi gosa yookiin akaakuu oomishichaatiin ta'ee, sirna gabaa bilisaatiin kan gaggeeffamu ta'a.
7) Bittaa fi gurgurtaan oomishaalee qonnaa meeshaa safartuu fi madaallii ammayyaa'aa lakkoofsaa, ulfaatinaa, meetiraa yookiin liitiraatiin kan raawwatamu ta'a.
8) Oomishitootaa fi fayyadamtootaan alatti namni kamiiyyuu giddugala gabaa sadarkaa jalqabaa keessatti sirna bittaa fi gurgurtaa oomishaalee qonnaa irratti hirmaachuuf waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa fi hayyama hojii daldalaa ragga'e gosa oomisha bittaa fi gurgurtaa raawwatuutiin qabaachuu qaba.

3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 (ለ) ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ላኪዎች በመጀመሪያ ደረጃ የገበያ ማዕከል ውስጥ ገብተው መግዛት የሚችሉት የግብርና ምርቶች በደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡
4) በሌሎች ሕጎች የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ በዚህ አዋጅ መሠረት በአርሶ አደሩ ማሳ ላይ መሸጥ የሚቻሉ የግብርና ምርቶች ወተት፣ አትክልት፣ ፍራፍሬ፣ ጫት፣ ሻይ ቅጠል፣ ለሽያጭ የተፈቀደ የደን ምርት ብቻ ሲሆኑ በማሳ ላይ ለመግዛት የሚችለውን አካል በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡
5) በዚህ አንቀጽ ንዕስ አንቀጽ 2 እስከ 4 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ በኮንትራት ግብርና ውል መሠረት የተመረቱ የግብርና ምርቶችን ውል ሰጪው በውሉ መሠረት መግዛት ይችላል፡፡
6) በመጀመሪያ ደረጃ የገበያ ማዕከል ውስጥ የግብርና ምርት የመሸጫ ዋጋ የሚወሰነው በምርቱ የጥራት ደረጃ እና በምርቱ ዓይነት ወይም ዝርያ ሆኖ በነፃ ገበያ የግብይት ሥርዓት መሠረት የሚካሄድ ይሆናል፡፡
7) የግብርና ምርት ግብይት በዘመናዊ መለኪያ እና ሚዛን፤ በቁጥር፣ በክብደት፣ በሜትር ወይም በሊትር የሚፈፀም ይሆናል፡፡
8) ከአምራቾች እና ተጠቃሚዎች በስተቀር ማንኛውም ሰው በመጀመሪያ ደረጃ የገበያ ማዕከል ውስጥ በግብርና ምርቶች ግብይት ላይ ለመሳተፍ ግብይት በሚፈፅምበት የምርት ዓይነት የጸና የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት እና የንግድ ሥራ ፈቃድ ያለው መሆን አለበት፡፡

3) Without prejudice to the provisionunder sub article 2 (b) of this article, the exporters ofagricultural products that can buy from withinfirst level market centershall be determined by the regulation to be issued.
4) Without prejudice to the provision by other laws, theagricultural products that can be sold on the farming land of the farmer in accordance with this proclamation shall be only milk, vegetables, fruits, chat, tea, forest which is permitted for sale; and the body to be allowed to buy on the farm land shall bedetermined by the regulation to be issued.
5) Without prejudice to the provisionsunder sub articles 2-4 of this article, agricultural products produced through temporaryagricultural agreements party offering the contract may buy in accordance with his agreement.
6) The purchase and sale price of agricultural products in the first level market center shall be determined on the basis of the level of quality and the type or variety of the products; and it shall be performed as per the free market system.
7) The purchase and sale of agricultural products shall be performed by the modern equipment of measuring and balancing number, weight, meter or liter.
8) Except the producers and consumers, any person who wants to participate on the buying and selling event of agricultural products in the first level market center shall hold competency assurance certificate and approved trade activity license in the type of product he purchases and sells.

9) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 8 jalatti kan tumame jiraatus, waldaaleen hojii gamtaa kamiiyyuu giddugala gabaa sadarkaa jalqabaa keessatti bittaa fi gurgurtaa oomishaalee qonnaa raawwachuuf waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa ragga'e qabaachuu qabu.

10) Namni kamiiyyuu oomisha qonnaa giddugala gabaa sadarkaa jalqabaa irraa bitee gara giddugala gabaa sadarkaa lammaffaa, iddoo dhaabbilee qindeessanii, iddoo furdisaa yookiin iddoo tursiisaatti yeroo geejjibu waraqaa darbiinsaa, sanada bittaa fi gurgurtaa, nagahee kaffaltii tajaajila adda addaa, hayyama hojii daldalaa fi waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa harkatti qabachuu qaba.

11) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 hanga 10 jalatti kan tumame jiraatus, faayidaa oomishtootaatiif jecha gabaa baadiyyaa gandoota keessa jiru keessatti oomishtoota gidduutti yookiin oomishtootaa fi fayyadamtoota gidduutti walirraa bituu fi gurguruun ni danda'ama. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

## 7. Giddugala Gabaa Oomishaalee Qonnaa Sadarkaa Lammaffaa

1) Moggaasni maqaa, ijaarsii fi bulchiinsi giddugala gabaa oomishaalee qonnaa sadarkaa lammaffaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

2) Seerota birootiin kan tumame akkuma jirutti ta'ee, giddugala gabaa sadarkaa lammaffaa keessatti bittaa fi gurgurtaan oomishaalee qonnaa kan gaggeeffamu oomishtoota, waldaalee hojii gamtaa, daldaaltoota jimlaa gurgurtoota ta'anii fi yuuniyeenii, federeshinii, qindeessitoota, al-ergitoota, daldaaltota qinxaaboo fi fayyadamtoota gidduutti ta'a.

9) በዚህ አንቀጽ ንዑስ 8 ሥር የተደነገገው ቢኖርም ማናቸውም የህብረት ሥራ ማህበራት በመጀመሪያ ደረጃ የገበያ ማዕከል ውስጥ የግብርና ምርቶች ግብይት ለመፈፀም የፀና የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ሊኖረው ይገባል፡፡

10) ማንኛውም ሰው የግብርና ምርቶችን ከመጀመሪያ ደረጃ የገበያ ማዕከል ገዝቶ ወደ ሁለተኛ ደረጃ የገበያ ማዕከል፣ ወደ ማቀነባበሪያ ቦታ፣ ወደ ማደለቢያ ወይም ማቆያ ቦታ በሚያጓጉዝበት ጊዜ የይለፍ ወረቀት፣ ግገርና ሽያጭ የተፈፀመበት ሰነድ፣ የልዩ ልዩ አገልግሎት ክፍያ የተፈፀመበት ደረሰኝ፣ የንግድ ሥራ ፈቃድ እና የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት በእጁ መያዝ አለበት፡፡

11) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እስከ 10 ሥር የተደነገገው ቢኖርም ለአምራቾች ጥቅም ሲባል በገጠር ቀበሌዎች ውስጥ ባለው ግብይት በአምራቾች መካከል ወይም በአምራቾች እና ተጠቃሚዎች መካከል መገበያየት ይቻላል፡፡ የአፈፃፀሙ ሁኔታ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

## 7. ሁለተኛ ደረጃ የግብርና ምርቶች የገበያ ማዕከል

1) የሁለተኛ ደረጃ የግብርና ምርቶች የገበያ ማዕከል የስም ስያሜ፤ ግንባታ እና አስተዳደር በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

2) በሌሎች ሕጎች የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ በሁለተኛ ደረጃ የገበያ ማዕከል ውስጥ የግብርና ምርቶች ግብይት የሚካሄደው ሻጭ በሆኑ በአምራቾች፣ የህብረት ሥራ ማህበራት፣ በጅምላ ነጋዴዎች እና ገገር በሆኑ ዩኒዬኖች፣ ፌደሬሽኖች፣ አቀናባሪዎች፣ ላኪዎች፣የችርቻሮ ነጋዴዎች እና ተጠቃሚዎች መካከል ይሆናል፡፡

9) Notwithstanding to the provision under sub article 8 of this article, any Cooperative society wishing to perform buying and selling of agricultural products in the first level market center shall hold approved competency assurance certificate.

10) When any person is transporting the agricultural products he has bought from the first level market center to second levelmarket center, to the sites of processing enterprises, to the fattening or preservation area, he shall hold passing license,purchase and sale document, receipt for payments of various services, trade license andcompetency assurance certificate.

11) Notwithstanding to the provisions under sub articles (1-10) of this article, for the benefit of the producers, in the rural market found in the villages, it is possible to conduct market transaction amongst the producers or amongst producers and consumers. Its implementation particulars shall bedetermined by the regulation to be issued.

## 7. Second Level Market Center of Agricultural products

1) Nomenclature, construction and administration of second level market center of agricultural products shall be determined by the regulation to be issued.

2) Without prejudice to the provision by other laws, the market transaction of agricultural products to be conducted inthe second level market center shall be amongst the producers, cooperative societies, wholesale traders which are sellers and cooperative unions, federations, processors, exporters, retailers and consumers.

3) Oomishni qonnaa giddugala gabaa sadarkaa lammaffaatti dhiyaatu kamiiyyuu sadarkaa qulqullina isaa kan eeggatee fi kan sonni itti dabalame ta'uu qaba.
4) Giddugala gabaa sadarkaa lammaffaa keessatti gatiin bittaa fi gurgurtaa oomishaalee qonnaa kan murtaa'u sadarkaa qulqullinaa fi gosa yookiin akaakuu oomishichaatiin ta'ee, sirna gabaa bilisaatiin kan gaggeeffamu ta'a.
5) Bittaa fi gurgurtaan oomishaalee qonnaa meeshaa safartuu fi madaallii ammayyaa'aa lakkoofsaa, ulffatinaa, meetiraa yookiin liitiraatiin kan raawwatamu ta'a.
6) Oomishitootaa fi fayyadamtootaan alatti namni kamiiyyuu giddugala gabaa sadarkaa lammaffaa keessatti sirna bittaa fi gurgurtaa oomishaalee qonnaa irratti hirmaachuuf waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa fi hayyama hojii daldalaa ragga'e gosa oomisha bittaa fi gurgurtaa raawwatuutiin qabaachuu qaba.
7) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 jalatti kan tumame jiraatus, waldaan hojii gamtaa kamiiyyuu giddugala gabaa sadarkaa lammaffaa keessatti bittaa fi gurgurtaa oomishaalee qonnaa raawwachuuf waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa ragga'e qabaachuu qabu.

## 8. Qulqullina Oomishaalee Qonnaa

1) Oomishni qonnaa gabaaf dhiyaatu kamiiyyuu:
(a) Qulqullina uumamaan qabu kan eeggate, sadarkaan qulqullina isaa kan nama hin dogoggorsinee fi dhugaa kan ta'e;
(b) Ulfaatina oomishichaa akka dabaluuf jecha bishaan, biyyee yookiin wantoota alagaa ta'an kan biroo kan itti hin dabalamin;
(c) Oomisha hin tortorin, kan hin caccabin, ilbiisa adda addaatiin kan hin nyaatamin;

3) ማንኛውም ወደ ሁለተኛ ደረጃ የገበያ ማዕከል የሚቀርብ የግብርና ምርት የጥራት ደረጃውን የጠበቀ እና እሴት የተጨመረበት መሆን አለበት፡፡
4) በሁለተኛ ደረጃ የገበያ ማዕከል ውስጥ የግብርና ምርቶች የመገበያያ ዋጋ የሚወሰነው በምርቱ የጥራት ደረጃ እና በምርቱ ዓይነት ወይም ዝርያ ሆኖ በነፃ ገበያ የግብይት ሥርዓት የሚካሄድ ይሆናል፡፡
5) የግብርና ምርቶች ግብይት በዘመናዊ የቁጥር፣ የክብደት፣የሜትር ወይም የሊትር መለኪያ እና መመዘኛ መሣሪያ የሚፈፀም ይሆናል፡፡
6) ከአምራቾች እና ተጠቃሚዎች በስተቀር ማንኛውም ሰው በሁለተኛ ደረጃ ገበያ ማዕከል ውስጥ የግብርና ምርቶች ግብይት ላይ ለመሳተፍ ግብይት በሚፈፅምበት የምርት ዓይነት የፀና የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት እና የንግድ ሥራ ፈቃድ ሊኖረው ይገባል፡፡
7) በዚህ አንቀጽ ንዑስ 6 ሥር የተደነገገው ቢኖርም ማንኛውም የህብረት ሥራ ማህበር በሁለተኛ ደረጃ የገበያ ማዕከል ውስጥ የግብርና ምርቶች ግብይት ለመፈፀም የፀና የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ሊኖረው ይገባል፡፡

## 8. የግብርና ምርቶች ጥራት

1) ማንኛውም ለገበያ የሚቀርብ የግብርና ምርት፡-
(ሀ) በተፈጥሮ ያለውን ጥራት የጠበቀ፣ የጥራት ደረጃው ሰውን የማያሳስት እና እውነተኛ የሆነ፤
(ለ) የምርቱን ክብደት ለመጨመር ሲባል እንደ ውሃ፣ አፈር ወይም ባዕድ የሆኑ ሌሎች ነገሮች ያልተጨመረበት፤
(ሐ) ያልደረሰ፣ ያልተሰባበረ እና በተለያዩ ተባዮች ያልተበላ ምርት፤

3) Any agricultural product to be supplied at the second level market center shall be standard quality and on which value is added.
4) The purchase and sale price ofagricultural products in the second level market center shall be determined by the level of quality and the type or variety of the products; and it shall be conducted as per the free market system.
5) The purchase and sale of agricultural products shall be performed by the modern equipment of measuring and balancing number, weight, meter or liter.
6) Except the producers and consumers, any person who wants to participate on the buying and selling event of agricultural products in the second level market center shall hold competency assurance certificate and approved trade activity license in the type of the product he purchases and sells.
7) Notwithstanding to the provisionunder sub article 6 of this article, any cooperative society wishing to perform buying and selling of agricultural products in the second level market center shall hold approved competency assurance certificate.

## 8. Quality of Agricultural Products

1) Any agricultural products supplied for market shall be:
(a) Which maintain its natural quality, its quality standard is not deceiving and genuine;
(b) To which no water, soil or other alien things are added or mixed with in order to increase the weight of such product;
(c) Which is not decayed, broken and not affected by pests;

(d) Sadarkaan qulqullina isaa kan gadi hin bu'iin, yeroon itti fayyadama isaa irra kan hin darbin, wantoota alagaa ta'an irraa bilisa kan ta'e, kan hin summaayin, fayyaa namaa kan hin miinee; fi

(e) Beeyilada yoo ta'e fayyummaan isaa kan eeggame, akkaataa umurii fi gosa isaatiin sadarkaa kan eeggate ta'uu qaba.

2) Oomishni hin bilchaatiin yookiin yeroon isaa kan hin geenye yookiin bilchinni isaa kan irra darbe gabaaf dhiyaachuu hin qabu.

3) Oomishni qonnaa gabaaf dhiyaatu mana kuusaa fi qindeessaa qulqullina qabu keessatti kuufamuu fi qindaa'uu qaba.

4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 hanga 3 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, Manni Marii Bulchiinsaa qorannoo gaggeeffamee dhiyaatuuf irratti hundaa'ee tokkoo tokkoo gosa oomisha qonnaatiif sadarkaa qulqullinaa Dambiin baasuu ni danda'a.

## 9. Sirna To'annoo Gabaa fi Qulqullina Oomishaalee Qonnaa

1) Seektaroonni qonnaa aangoo fi hojii seeraan kennameef bu'uura godhachuun to'attoota sirna gabaa fi qulqullina oomishaalee qonnaa fi bu'aa oomishaalee qonnaa to'atan ramaduu qabu.

2) To'attoonni bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1'tiin ramadaman yeroo hojiif socho'an hunda nama lama ta'uun socho'uu fi waraqaa eenyummaa hojii kanaaf qophaa'e harkatti qabachuu qabu.

3) Yeroon hojii to'annaa sirna gabaa fi qulqullina oomishaalee qonnaa bakka keellaan to'annaa hundeeffameen ala jiru sa'aatii hojii mootummaa qofa ta'a.

4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, hoogganaan mana hojii sa'aatii hojii mootummaatiin ala to'annaa ni barbaachisa jedhee yoo itti amane bifa addaatiin xalayaan to'ataa ajajee hojjechiisuu ni danda'a.

(መ) የጥራት ደረጃው ያልወረደ፣ የመጠቀሚያ ጊዜው ያላለፈበት፣ ባዕድ ከሆኑ ነገሮች ነጻ፣ ያልተመረዘ እና የሰውን ጤና የማይጎዳ፤ እና

(ሠ) እንስሳ ከሆነ ጤንነቱ የተጠበቀ፣ እንደ እድሜውና ዓይነቱ ደረጃውን የጠበቀ መሆን አለበት፡፡

2) ያልበሰለ ወይም ጊዜው ያልደረሰ ምርት ወይም ብስለቱ ከደረጃ ያለፈበት ምርት ለገበያ መቅረብ የለበትም፡፡

3) ለገበያ የሚቀርብ የግብርና ምርት ጥራት ባለው መጋዘን እና ማቀነባበሪያ ውስጥ መከማቸት እና መቀነባበር አለበት፡፡

4) በዚህ አንቀፅ ከንዑስ አንቀፅ 1 እስከ 3 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ የመስተዳደር ምክር ቤቱ በሚቀርብለት ጥናት ላይ በመመስረት ለእያንዳንዱ የግብርና ምርት ዓይነት የጥራት ደረጃ በደንብ ሊያወጣ ይችላል፡፡

## 9. የግብርና ምርቶች ገበያ እና ጥራት ቁጥጥር ሥርዓት

1) የግብርና ሴክተሮች በህግ የተሰጣቸውን ሥልጣን እና ተግባር መሰረት በማድረግ የግብርና ምርት ውጤቶችን እና የግብርና ምርቶች የገበያና ጥራት ሥርዓት ቁጥጥር ባለሙያዎችን መመደብ አለባቸው፡፡

2) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 መሠረት የተመደቡ ተቆጣጣሪዎች ለስራ በሚንቀሳቀሱበት ጊዜ ሁሉ ሁለት ሁለት ሰው በመሆን መንቀሳቀስ እና ለዚሁ ተግባር የተዘጋጀውን መታወቂያ መያዝ አለባቸው፡፡

3) የቁጥጥር ኬላ ከተቋቋመበት ሥፍራ ዉጪ ያለ የግብርና ምርቶች የገበያ እና ጥራት ሥርዓት የቁጥጥር ጊዜ በመንግሥት የስራ ሰዓት ብቻ ይሆናል፡፡

4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር የተደነገገዉ እንደተጠበቀ ሆኖ የመሥሪያ ቤቱ ኃላፊ ከመንግስት የስራ ሰዓት ውጪ ቁጥጥር ያስፈልጋል ብሎ ካመነበት በልዩ ሁኔታ በደብዳቤ ተቆጣጣሪ በማዘዝ ማሰራት ይችላል፡፡

(d) Which itsquality standard has not been reduced, not expired, free fromalien things, not intoxicated, not harmful for health; and

(e) If it is livestock, it should be healthy, has standard quality interms of its age and kind.

2) Unripen or immature or excessively ripenproducts shall not be supplied for market;

3) Agricultural productto be supplied for market shall be stored and processed in a clean warehouse and factory.

4) Without prejudice to the provisions under sub articles 1-3 of this article, the administrative council may, depending on the study submitted to it may issue quality standards in regulation for every kind of any agricultural product.

## 9. Market and Quality Control of Agricultural Products

1) The agriculture sectors, based on the power and duties bestowed to them shall assign supervisors ofagricultural products market and quality control system.

2) The supervisors assigned pursuant to sub article 1 of this article shall always move together every time they go to carry out their supervision and also carry their identity card prepared for this task.

3) The time for agricultural products market and quality control found out of the controlling station is established shall only be the govrnment's office hours.

4) Without prejudice to the provisions under sub articles 3 of this article, if the head of the government office believes that controlling is necessary out of thegovrnment's office hours, he may in special case instruct and cause supervisor to work in writing.

5) To'ataan sirna gabaa fi qulqullina oomishaalee qonnaa:

(a) Mana kuusaa, iddoo qopheessa oomishaalee qonnaa, manneen baaburaa yookiin daaktuu midhaanii, dunkaana daldala oomishaalee qonnaa, iddoo furdisa yookiin tursiisa beeyiladaa keessatti hojii seeraan ala raawwatamee argame battalumatti cufuudhaan tarkaanfiin bulchiinsaa yookiin seeraa akka fudhatamu ni taasisa.

(b) Oomishaalee qonnaa seeraan ala geejjibaman, lafoo oofaman yookiin bittaa fi gurgurtaa karaa irratti yookiin ooyiruu qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa yookiin iddoo horsiisa beeyiladaa keessatti osoo gaggeeffamuu argame battalumatti to'annaa jala oolchuun qaama ilaaluuf gabaasa ni taasisa.

(c) Iddoowwan gabaa oomishaalee qonnaa kamittuu argamuun to'annoo ni gaggeessa.

(d) Hojimaata sirna gabaa fi qulqullina oomishaalee qonnaa diriiree jiruun alatti gochoota raawwataman irratti bu'uura Labsii kanaa fi Dambii bu'uura Labsii kanaatiin bahuutiin tarkaanfii barbachiisaa ta'e ni fudhata.

## 10. Dirqama To'ataa

To'ataan dirqamoota armaan gadii ni qabaata:

1) Waraqaa eenyummeessaa addaa to'ataa ta'uu isaa agarsiisu harkatti qabachuu fi qaama to'atamutti agarsiisuu;

2) Hojii isaa ittigaafatamummaa cimaa, amanamummaa fi loogii malee raawwachuu; fi

3) Dirqamoota Labsii kana, Dambii fi Qajeelfama bu'uura Labsii kanaatiin bahan keessatti kaa'aman hojiirra oolchuu fi hojiirra ooluu isaaniis mirkaneeffachuu qaba.

5) የግብርና ምርቶች የገበያ እና ጥራት ሥርዓት ተቆጣጣሪ፡-

(ሀ) በውስጡ ህገወጥ ተግባር ተፈጽሞበት የተገኘን መጋዘን፣ የግብርና ምርቶች ማዘጋጃ ሥፍራ፣ወፍጮ ቤቶች ወይም በእህል መፍጫ ቤቶች፣ በግብርና ምርቶች ንግድ መደብር፣ እንስሳት ማደለቢያ ወይም ማቆያ ስፍራን ወዲያውኑ በመዝጋት አስተዳደራዊ ወይም ህጋዊ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፡፡

(ለ) በህገወጥ መንገድ ሲጓጓዙ የተገኙ የግብርና ምርቶች፣ በእግር ሲነዱ የተገኙ እንስሳት ወይም በመንገድ ላይ ወይም በአርሶ አደሩ ማሳ ላይ ወይም በአርብቶ አደሩ የእንስሳት እርባታ ስፍራ ውስጥ ግብይት ሲከናወን ከተገኘ ወዲያውኑ በቁጥጥር ሥር በማዋል ለሚመለከተው አካል ሪፖርት ያደርጋል፡፡

(ሐ) በማናቸውም የግብርና ምርቶች የገበያ ሥፍራዎች በመገኘት ቁጥጥር ያደርጋል፡፡

(መ) ከተዘረጋው የግብርና ምርቶች የገበያ እና ጥራት ሥርዓት አሰራር ዉጪ ተፈፅመው በተገኙ ተግባራት ላይ በዚህ አዋጅ እና በዚህ አዋጅ መሠረት በሚወጣው ደንብ መሠረት አስፈላጊውን እርምጃ ይወስዳል፡፡

## 10. የተቆጣጣሪ ግዴታ

ተቆጣጣሪ የሚከተሉት ግዴታዎች ይኖሩታል፡-

1) ተቆጣጣሪ መሆኑን የሚገልጽ ልዩ መታወቂያውን በእጁ መያዝ እና ቁጥጥር ለሚደረግበት አካል ማሳየት፤

2) ተግባሩን በጥብቅ ኃላፊነት ፣በታማኝነት እና ያለ አድሎ መፈጸም፤ እና

3) በዚህ አዋጅ እና አዋጁ መሰረት በሚወጣው ደንብ እና መመሪያ ውስጥ የተቀመጡ ግዴታዎችን ሥራ ላይ ማዋል እና ሥራ ላይ መዋላቸውን ማረጋገጥ አለበት፡፡

5) Agricultural products market and quality supervisor shall:

(a) Forthwith close down the warehouse, agricultural products preparation area, grinding mills, agricultural products trading shops, livestock fattening or staying places in which illegal act is found committed and cause administrative or legal measure to be taken.

(b) Forthwith put under control theagricultural products found to be transported, flocked on foot illegally or buying and selling conducted on the roads, on the farming land of the farmer or pastoralist or at livestock husbandries and reports to the concerned body.

(c) Appear at any market places of agricultural products and conduct supervision.

(d) Take necessary measure on acts performed in a way other than the working system of agricultural products market and control already established in accordance with this proclamation and regulation to be issued pursuant to this proclamation.

## 10. Obligations of the Supervisor

The supervisor bears the following obligations:

1) To carry special identity card indicating his being a supervisor and show same to the body to be controlled;

2) To carry out his task in a strict responsibility, being loyal and impartially; and

3) To implement and ensure the implementation of the duties provided under thisproclamation and regulation to be issued pursuant to thisproclamation.

**11. Oomishaalee Qonnaa Geejjibsiisuu**

Oomishaaleen qonnaa amala addaa qabanii fi seerota birootiin akkaataan geejjiba isaanii tumame akkuma jirutti ta'ee, oomishni qonnaa yammuu geejjibamu:

1) Konkolaataan oomishichi ittiin geejjibamu qulqulluu fi wantoota oomisha qonnaa irratti dhiibbaa fiduu danda'an kan hin feene ta'uu qaba.
2) Oomishni qonnaa osoo walitti hin makamin gosaa fi sadarkaa isaatiin geejjibamuu qaba.
3) Qaamni oomishaalee qonnaa geejjibsiisu kamiiyyuu waraqaa darbiinsaa, sanada bittaa fi gurgurtaa, nagahee kaffaltii tajaajila adda addaa, hayyama hojii daldalaa fi waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa yeroo hunda harkatti qabachuu qaba.
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatus, Qonnaan Bulaan yookiin Horsiisee Bulaan oomisha isaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa irraa xalayaa deeggarsaa dhiyeeffachuun geejjibuu ni danda'a. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
5) Waraqaan darbiinsaa yeroo kennamu gatiin tajaajilaa kan kaffalamu ta'ee, haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

## Kutaa Sadi
## Mirgaa fi Dirqama Hirmaattota Gabaa Oomishaalee Qonnaa

**12. Hirmaattota Gabaa Oomishaalee Qonnaa**

Bu'uura Labsii kanaatiin hirmaatoonni gabaa oomishaalee qonnaa oomishtoota, al-ergitoota, dhiyeessitoota, qindeessitoota, daldaltoota, waldaalee hojii gamtaa, yuuniyeenii fi federeshinii Waldaalee Hojii Gamtaa fi fayyadamtoota ta'a.

**11. የግብርና ምርቶችን ማጓጓዝ**

የተለየ ባህሪ ያላቸው እና የማጓጓዣ ሁኔታቸው በሌላ ህጎች የተደነገጉ የግብርና ምርቶች እንደተጠበቀ ሆኖ፤ የግብርና ምርት በሚጓጓዝበት ጊዜ:-

1) ምርቱ የሚጓጓዝበት ተሽከርካሪ ንፁህ እና በግብርና ምርቱ ላይ ተፅዕኖ ወይም ጉዳት ሊያመጡ የሚችሉ ነገሮችን ያልጫነ መሆን አለበት፡፡
2) የግብርና ምርቶች ሳይቀላቀሉ በዓይነታቸውና በደረጃቸው ተለይተው መጓጓዝ አለባቸው፡፡
3) ማንኛውም የግብርና ምርቶችን የሚያጓጉዝ አካል የይለፍ ወረቀት፣ ግዥ እና ሽያጭ የተፈፀመበት ሰነድ፣ የልዩ ልዩ አገልግሎት ክፍያ ደረሰኞች፣ የንግድ ስራ ፈቃድ እና የብቃት ማረጋገጫ ምስክር ወረቀት ሁል ጊዜ በእጁ መያዝ አለበት፡፡
1) Madaallii fi safartuu ammayyaa'aa malee oomisha qonnaa bituu yookiin gurguruu yookiin safartuu isaa hir'isuun gurguruu yookiin madaallii waliindhahuu;
2) Oomishaalee qonnaa akaakuu fi gosa isaa malee walitti makuu;
3) Oomisha qonnaatti wanta alagaa ta'e itti makuun yookiin dabaluun gabaaf dhiyeessuu;
4) Oomisha qonnaa nyaataaf yookiin dhugaatiif ooluuf sadarkaan qulqullina isaa gadi bu'aa ta'e yookiin kan yeroon ittifayyadamaa isaa irra darbe gurguruu yookiin gochoota dogongorsaa ta'an raawwachuu;

1) ለገበያ የሚቀርበው እንስሳትና የእንስሳት ውጤት ጤንነትና ጥራቱን ተጠብቆ እንዲቀርብ ይሰራል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ እርምጃ ይወስዳል፤እንዲወሰድም ያደርጋል፤
2) የእንስሳትን መድኀኒት ጥራት፤ የእንስሳት ምግብ፤ የእንስሳት ዝሪያ፤ የማድለቢያና የእንስሳት እርባታ ቦታን እና ልኳንዳ ቤቶችን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ የእርምት እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
3) የብቃት ማረጋገጫ ማስረጃ መስጠት ተግባር እሱን በሚመለከተው ጉዳዮች ላይ የግብርና ምርቶች ነጋዴዎች ንግዱን ከመጀመራቸው በፊት የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት ይሰጣል፤ ይቆጣጠራል፤ ይሰርዛል፤ እንዲሁም የግብርና ምርቶች የንግድ ሥራ ፍቃድ ያላቸው መሆናቸውን ያረጋግጣል፡፡

## ክፍል አምስት
## ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

### 23. የተከለከሉ ተግባራት

ማንኛውም ሰው የሚከተሉትን ተግባራት መፈፀም የተከለከለ ነው፡-

1) ያለ ዘመናዊ መለኪያ ሚዛን የግብርና ምርቶችን መግዛት ወይም መሸጥ ወይም ልኬቱን በመቀነስ መሸጥ ወይም ሚዛን ማጭበርበር፤
2) የግብርና ምርቶችን ያለ ዝርያቸውን ዓይነታቸው መቀላቀል፤
3) በግብርና ምርት ላይ ባዕድ የሆነ ነገሮች በመቀላቀል ወይም በመጨመር ለገበያ ማቅረብ፤
4) ለምግብነት ወይም ለመጠጥነት ለመዋል የጥራት ደረጃው ወይም የአገልግሎት ዘመኑ ያለፈበትን የግብርና ምርት መሸጥ ወይም አሳሳች ድርጊቶችን መፈፀም፤

1) Work for the livestock and livestock products supplied for the markets to be supplied being healthy and quality; follow up; control same; take or cause to be taken corrective measure;
2) Follow up; control; the quality of livestock drug, livestock feed, species of livestock, livestock fattening and reproduction areas; take or cause to be taken corrective measure;
3) Provide competency assurance certificate for traders before they conduct trading of livestock and livestock products on matters that issuing such certificate concerns it; controls, cancel same; and ensure that they have livestock and livestock products trading licenses.

## Part Five
## Miscellaneous Provisions

### 23. Prohibited Acts

It is prohibited for any body to perform (commit) the following acts:

1) To buy or sell agricultural products without modern balance and measurement or to sell reducing its measurement or to deceive on balance;
2) Mixing agricultural products with out their respective variety and type;
3) To supply agricultural products to the markets by mixing or adding alien things with them;
4) To sell agricultural product below quality standard to be eaten or drink or its utilization period is expired or to commit or perform deceiving acts;

5) Namni kamiiyyuu oomsha bunaa qabatu keeshaa qaaccaa irra hojjetamuun ta'ee, biyyaa keessatti kan oomishamus ta'ee kan alaa galfamu keemikaala adda addaa irra bilisa ta'uu isaaf qaama dhimmi ilaaluun mirkanaa'een ala kuusuu fi ittin geejjibsiisuun marsaa afurii oliif yookiin tajaajila wagga 2 oliif ittifayyadamuu;
6) Oomisha qonnaa konkolaataa qulqullina hin qabne, ulaagaa hin guutnee fi sadarkaa isaa hin eegneen geejjibuu;
7) Konkolaachisaan oomishaalee qonnaa geejjibu kamiiyyuu taarifa gatii fe'iinsaa goggogaa fi dhangala'aa mootummaan murteesseen ol gaafachuu;
8) Gatii oomishaalee qonnaa konkolaataa irratti fe'uu fi buusuu seeraan tumamee ol gaafachuu;
9) Qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan oomishaalee qonnaa geejjiban oomishaa ta'uu isaaniitiif Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa irraa xalayaa deeggarsaa osoo hin qabaatin geejjibuu;
10) Daldalaan kamiiyyuu sanada bittaa fi gurgurtaa, nagahee kaffaltii tajaajila adda addaa, waraqaa darbiinsaa, hayyama hojii daldalaa fi waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa osoo hin qabaatiin oomisha qonnaa geejjibuun yookiin iddoo tokko irraa gara iddoo biraa oofuu yookiin geessuu;
11) Sanada yeroo tokko ittiin bitameen yeroo tokkoo ol ittiin geejjibuu;
12) Keewwata kana Keewwattoota Xixiqqaa 9 fi 10 jalatti kan tumame darbuun oomishaaleen qonnaa erga to'atame booda sanadoota yookiin ragaaleen dhiyaatu kamiiyyuu fudhatama hin qabu;
13) Oomisha qonnaa iddoo geessuuf hayyamameefiin ala yookiin iddoo hin beekkamne geessuu;
14) Oomisha qonnaa iddoo hayyamameefiin alatti qopheessuu yookiin qindeessuu;

5) ማንኛውም ሰው የቡና ምርትን የሚይዘው ከቃጫ በሚሰራ ጆንያ ሆኖ በሃገር ውስጥ የሚመረተውም ሆነ ከውጭ ሃገር የሚገባው ከልዩ ልዩ ኬሚካሎች ነፃ ስለመሆኑ ሥልጣን ባለው አካል ባልተረጋገጠው በማከማቻነትና በማጓጓዣነት ከአራት ዙር በላይ ወይም ከሁለት ዓመት በላይ መጠቀም፤
6) ንፅሕና በሌለው፣ መስፈርቱን በማያማላ እና ደረጃውን ባልጠበቀ ተሽከርካሪ የግብርና ምርቶችን ማጓጓዝ፤
7) የግብርና ምርቶችን የሚያጓጉዝ ማንኛውም አሽከርካሪ መንግስት ከወሰነው የደረቅና ፍሳሽ ማስጫኛ ታሪፍ ዋጋ በላይ መጠየቅ፤
8) በሕግ ከተደነገገው የግብርና ምርቶችን ተሽከርካሪ ላይ የማስጫኛና ማውረጃ ዋጋ በላይ መጠየቅ፤
9) የግብርና ምርቶቻቸውን የሚያጓጉዙ አርሶ አደሮች ወይም አርብቶ አደሮች አምራች ስለመሆናቸው ከግብርናና ተፈጥሮ ሀብት ጽሕፈት ቤት የድጋፍ ደብዳቤ ሳይዙ ማጓጓዝ፤
10) ማንኛውም ነጋዴ የግብይት ሰነድ፣ የልዩ ልዩ አገልግሎት ክፍያ ደረሰኝ፣ የይለፍ ወረቀት፣ የንግድ ሥራ ፈቃድና የብቃት ማረጋገጫ ምስክር ወረቀት ሳይዝ የግብርና ምርትን ማጓጓዝ ወይም ከአንድ ሥፍራ ወደ ሌላ ሥፍራ መንዳት ወይም መውሰድ፤
11) ለአንድ ጊዜ ግዢ በተፈፀመበት ሰነድ ከአንድ ጊዜ በላይ ማጓጓዝ፤
12) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 9 እና 10 ሥር የተደነገገውን በመተላለፉ የተነሣ የግብርና ምርቶች ቁጥጥር ሥር ከዋለ በኋላ የሚቀርብ ማንኛውም ሰነድ ወይም ማስረጃ ተቀባይነት የለውም፤
13) የግብርና ምርትን ለመውሰድ ወዳልተፈቀደለት ወይም ወዳልታወቀ ሥፍራ መውሰድ፤
14) የግብርና ምርትን ባልተፈቀደበት ሥፍራ ማዘጋጀት ወይም ማቀነባበር፤

5) For any body to use a sack made of rubber which is produced localy or imported from abroad which is not assured by the concerned body to be free from various chemicals to store coffee and transport coffee for more than four rounds or use such sack for more than two years;
6) Transporting agricultural products using vehicle which is not clean (quality), does not fulfill the criteria and which is not standard quality;
7) Any driver transporting agricultural products requiring transport cost more than the transport tariff for solid and liquid loads determined by government;
8) Requiring the loading and unloading price of agricultural products more than the price provided by law;
9) The farmer or pastoralist transporting agricultural products without having support letter from Agriculture and Natural Resources Office for their being producers;
10) For any trader to transport or to herd or move agricultural products from one place to another place without having or holding the buying and selling documents, receipts for payments of various services, pass parmt, trade activity license and competency assurance certificate;
11) Transporting agricultural products using a document once used for buying;
12) Any documents or evidences presented after the agricultural product is put under control for violation of the provision under sub article 9 and 10 of this article shall not be acceptable;
13) To take agricultural product to place not allowed for it or to take same to unknown place;
14) Preparing or processing agricultural product where not allowed for it;

15) Oomishtootaan alatti daldalaan kamiiyyuu kaappitaala galmeessise %25 ol kuusuun gabaa irratti hanqinni akka uumamuu fi qulqullina oomishaa irratti dhiibbaan akka dhaqqabu taasisuu;
16) Qaamni oomisha qonnaa daldalu kamiiyyuu gatii ittiin bite irratti bu'aa qulqulluu hanga dhibbeentaa Dambii bahuun murtaa'u ol dabalee gurguruu;
17) Oomishaalee qonnaa haala addaatiin ooyiruu irratti oomishtoonni akka gurgurataan hayyamameen ala, iddoo gabaa seeraan daangeffameen alatti bituu fi gurguruu;
18) Waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa fi hayyama hojii daldala ragga'e gosa oomisha qonnaatiin osoo hin qabaatiin daldaluu;
19) Oomishaalee qonnaa sanada bittaa fi gurgurtaa qaama aangoo qabuun maxxanfameen ala bituu fi gurguruu;
20) Lammiin biyya alaa hayyama investimantii osoo hin qabaatiin gabaa oomisha qonnaa keessatti hirmaachuu; akka hirmaatu haala mijeessuufii;
21) Oomisha qonnaa sababni diinagdee qabatamaa fi amansiisaan osoo hin jiraanne yeroo ayyaanaas ta'ee yeroo kamiiyyuu gatii madaalawaa hin taane dabaluu;
22) Waliin mari'atanii waliigaluun yookiin haala kana fakkaatuun gatii dabaluun gurguruu yookiin hir'isuun bituu;
23) Galteewwan oomisha qonnaatiif oolan kan yeroon irra darbe yookiin kan fayyaa namaa irratti miidhaa geessisu fayyadamuu;
24) Mana kuusaa oomishaalee qonnaa keessatti, mana baaburaa yookiin daaktuu miidhaanii keessatti balfa yookiin haftee midhaan keessaa bahe kamiiyyuu kuusuu.

15) ከአምራቾች በስተቀር ማንኛውም ነጋዴ ካስመዘገበው ካፒታል 25% በላይ የግብርና ምርት በማከማቸት በገበያ ላይ እጥረት እንዲፈጠር እና በምርቱ ጥራት ላይ ተጽዕኖ እንዲፈጠር ማድረግ፤
16) ማንኛውም የግብርና ምርት የሚነግድ ሰው በገዛበት ዋጋ ላይ በሚወጣው ደንብ መሠረት ከሚወሰነው የተጣራ ትርፍ እዳግ በላይ ጨምሮ መሸጥ፤
17) በልዩ ሁኔታ አምራቾች በማሳ ላይ እንዲሸጡ ከተፈቀደላቸው የግብርና ምርቶች በስተቀር በሕግ ከተከለለው ቦታ ውጭ መግዛትና መሸጥ፤
18) በግብርና ምርት ዓይነት የብቃት ማረጋገጫ ምስክር ወረቀትና የጸና የንግድ ሥራ ፈቃድ ሳይኖር መነገድ፤
19) ሥልጣን ባለው አካል ከታተመ የግዥና ሽያጭ ሰነድ ውጪ የግብርና ምርቶችን መግዛትና መሸጥ፤
20) የውጭ አገር ዜጋ የኢንቨስትመንት ፈቃድ ሳይኖረው በግብርና ምርት ገበያ ላይ መሳተፍ፤ እንዲሳተፍ ሁኔታዎችን ማመቻቸት፤
21) አሳማኝና ተጨባጭ ኢኮኖሚያዊ ምክንያት ሳይኖር በበዓላት ወቅትም ሆነ በማንኛውም ጊዜ ተመጣጣኝ ያልሆነ የግብርና ምርት ዋጋ መጨመር፤
22) እርስ በርስ በመወያየትና በመስማማት ወይም ይህንን በሚመስል ሁኔታ የግብርና ምርት ዋጋን በመጨመር መሸጥ ወይም በመቀነስ መግዛት፤
23) የአገልግሎት ጊዜያቸው ያለፈባቸው ወይም የሰውን ጤንነት የሚጎዱ ለግብርና ምርት የሚውሉ ግብዓቶችን መጠቀም፤
24) በግብርና ምርቶች መጋዘን ወይም በእህል ወፍጮ ቤቶች ውስጥ ማንኛውንም የእህል ብጣሪ ወይም ገለባ ማከማቸት፡፡

15) Except for producers, any trader to store more than 25% of his registered capital and thereby creat shortage on the market and cause an impact on the quality of production;
16) Any body trading agricultural products who sells by adding net profit more than its amount of percentage to be determined by regulation to be issued on the price he has bought;
17) To perform buying and selling at places other than legally enclosed market center except for agricultural products specifically allowed for producers to sell on ther farmland;
18) To perform trade activity without having competency assurance certificate approved trade license given for agricultural products.
19) To perform buying and selling of agricultural products without purchase and sale documents sticked by the body having power;
20) A foreign citizen participating in agricultural products market without having investment license;
21) To make unreasonable price rises on agricultural products in the absence of actual and justifiable economic reason during holidays and at any time;
22) To sell by rising prices or buy with reduced prices through negotiation or in other similar manner;
23) To use agricultural input which its service period is expired or which is harmful for health;
24) To store sewage or any left over taken out of crops in the warehouse of agricultural products or grinding mills.

## 24. Tarkaanfii Bulchiinsaa

1) Namni sirna bittaa fi gurgurtaa oomishaalee qonnaa irratti hirmaatee faallaa tumaalee Labsii kanaatiin hojjetee argame kamiiyyuu haala ulfaatina dhimmichaa fi miidhaa gahee irratti bu'uureeffachuun tarkaanfiin bulchiinsaa armaan gadii ni fudhatama:
(a) Akeekkachiisa afaanii kennuu;
(b) Akeekkachiisa barreeffamaa kennuu;
(c) Hayyama hojii daldalaa dhorkisiisuu fi waraqaa mirkaneessa gahumsaa dhorkuu;
(d) Adabbii maallaqaa; yookiin
(e) Hayyama hojii daldalaa haqsiisuu fi waraqaa mirkaneessa gahumsaa haquu.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, namni kamiiyyuu hayyama seera qabeessa ta'e harkatti qabachuu osoo qabu, hayyama malee bittaa fi gurgurtaa oomishaalee qonnaa irratti hirmaatee yoo argame, Ejensichi oomishni qonnaa qabame ofiisaatiin dhaaluun bu'uura seera rogummaa qabuun mootummaaf galii akka ta'u gochuu ni danda'a. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
3) Ejensichi yookiin qaamni aangoo qabu adabbii bulchiinsaa bu'uura tumaalee kanaatiin yeroo fudhatu, adabbii fudhate kamiiyyuu nama tarkaanfiin irratti fudhatameef barreeffamaan beeksisuu qaba.

## 25. Sirna Komiin Itti dhiyaatu

Namni tarkaanfii bulchiinsaa bu'uura Labsii kanaatiin fudhatame irratti komii qabu caasaa seektara qonnaa tarkaanfii fudhatee sadarkaan jirutti komii isaa dhiyeeffachuu ni danda'a. Tarreeffamni sirna komiin itti dhiyaatu amala oomishaa irratti hundaa'ee Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

## 24. አስተዳደራዊ እርምጃ

1) በግብርና ምርቶች ግብይት ሥርዓት ላይ በመሳተፍ ከዚህ አዋጅ ድንጋጌዎች በሚቃረን አግባብ ሰርቶ የተገኘ ማንኛውም ሰው ላይ የጉዳዩን ክብደትና የደረሰውን ጉዳት መሠረት በማድረግ የሚከተለው አስተዳደራዊ እርምጃ ይወሰዳል፦
(ሀ) የቃል ማስጠንቀቂያ መስጠት፤
(ለ) የፅሁፍ ማስጠንቀቂያ መስጠት፤
(ሐ) የንግድ ሥራ ፈቃድን ማሣገድ እና የብቃት ማረጋገጫ ወረቀትን ማገድ፤
(መ) የገንዘብ ቅጣት፤ ወይም
(ሠ) የንግድ ሥራ ፈቃድ እንዲሠረዝ ማድረግ እና የብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀትን መሠረዝ፡፡
2) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ማንኛውም ሰው ህጋዊ ፈቃድ በእጁ መያዝ ሲገባው ያለፈቃድ የግብርና ምርቶች ግብይት ላይ ተሳትፎ ከተገኘ፣ ኤጀንሲው የተያዘውን የግብርና ምርት እራሱ በመውረስ አግባብነት ባለው ሕግ መሰረት ለመንግስት ገቢ እንዲሆን ማድረግ ይችላል፡፡ አፈፃፀሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡
3) ኤጀንሲው ወይም ሥልጣን ያለው አካል በነዚህ ድንጋጌዎች መሠረት አስተዳደራዊ እርምጃ በሚወስድበት ጊዜ የወሰደውን ማንኛውንም የቅጣት እርምጃ እርምጃው ለተወሰደበት ሰው በፅሑፍ ማሳወቅ አለበት፡፡

## 25. የቅሬታ አቀራረብ ሥርዓት

በዚህ አዋጅ መሠረት በተወሰደው አስተዳደራዊ እርምጃ ላይ ቅሬታ ያለው ሰው ቅሬታውን በየደረጃው ላለው እርምጃውን ለወሰደው የግብርና ሴክተር መዋቅር ሊያቀርብ ይችላል፡፡ የቅሬታው አቀራረብ ሥርዓት ዝርዝር የግብርና ምርቶችን ዓይነት መሠረት ባደረገ መልኩ በሚወጣዉ ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

## 24. Administrative Measures

1) Any person who is found to perform acts in a way contrary to the provisions of this proclamation through participating on the buying and selling cermony of agricultural products, the following administrative measures shall be taken on him depending on the gravity of the case and the damage caused:
(a) Oral reprimand;
(b) Providing written reprimand;
(c) Prohibition or denial of trade license and competency assurance certificate;
(d) Fine penalty;
(e) Cancellation of his trade license and competency assurance certificate.
2) Without prejudice to the provision under sub article 1 of this article, if any person, despite his responsibility to hold lawful license, is found to participate on the buying and selling of agricultural products without license, the Agency may, by confiscating the agricultural product controlled and make it to be deposited to the government in accordance with appropriate law. Its implementation shall be determined by the regulation to be issued.
3) When the Agency or the body having power takes administrative measure as per the provisions of this proclamation, it shall notify every of its measures taken to the person against whom such measure is taken.

## 25. Grievance Procedures

Any person aggrieved by the administrative measure taken in acoirdance with this proclamation, he may present his grievance to the structure of agriculture sector at different hierarchy which has taken the measure. particulars for grievance presentation procedures shall be determined by the regulation to be issued based on the conduct of the producer.

## 26. Adabbii Yakkaa

Seera biraatiin caalmaatti kan adabsiisu yoo ta'e malee:

1) Namni kamiiyyuu Labsii kanaa fi seera rogummaa qabuun yoo hayyamameef malee, oomishaalee qonnaa ooyiruu irratti yookiin iddoo gabaa seeraan daangeffameen alatti bitee yookiin gurguree yoo argame oomishni gochi seeraan alaa irratti raawwatame dhaalamuun akkuma jirutti ta'ee, hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii 10,000.00 hin caalleen ni adabama.
2) Daldalaan kamiiyyuu madaallii yookiin safartuu ammayyaa'aa malee oomisha qonnaa yoo bite yookiin yoo gurgure, madaallii yookiin safartuu isaa hir'isuun yoo gurgure yookiin yoo bite, madaallii waliindhahee yoo gurgure yookiin yoo bite, hidhaa cimaa waggaa shan hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 100,000.00 hin caalleen ni adabama.
3) Namni kamiiyyuu waraqaa ragaa mirkaneessa gahumsaa, sanada bittaa fi gurgurtaa, nagahee kaffaltii tajaajila adda addaa, hayyama hojii daldalaa ragga'ee fi waraqaa darbiinsaa qabachuu osoo qabu, ragaalee kanneen yeroo sanatti harkatti osoo hin qabatin oomishaalee qonnaa kan geejjibe yookiin iddoo tokko irraa gara iddoo biraatti kan oofe yookiin kan geesse yookiin sanada yeroo tokko ittiin geejjibeen yeroo tokkoo ol geejjibee yoo argame, oomishaaleen gochi seeraan alaa irratti raawwatame dhaalamuun akkuma jirutti ta'ee, hidhaa cimaa waggaa sadi hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 50,000.00 hin caalleen ni adabama.

## 26. የወንጀል ቅጣት

በሌሎች ሕጎች የበለጠ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር፤

1) ማንኛውም ሰው በዚህ አዋጅና በሌሎች አግባብነት ባላቸው ሕጎች ካልተፈቀደለት በስተቀር የግብርና ምርቶችን በማሳ ላይ ወይም በሕግ በተከለለዉ የገበያ ቦታ ውጪ ሲገዛ ወይም ሲሸጥ የተገኘ እንደሆነ፣ ህገወጥ ድርጊቱ የተፈጸመበት ምርት መወረሱ እንደተጠበቀ ሆኖ ከስድስት ወር በማይበልጥ ቀላል እስራት ወይም ከ10,000.00 ብር (ከአሥር ሺ.ህ) በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡
2) ማንኛውም ነጋዴ ዘመናዊ መለኪያ ወይም ሚዛን ሳይጠቀም የግብርና ምርትን የገዛ ወይም የሸጠ ወይም ሚዛኑን ወይም መለኪያውን በመቀነስ የገዛ ወይም የሸጠ እንደሆነ ሚዛን በማጭበርበር የሸጠ ወይም የገዛ እንደሆነ፣ ከአምስት አመት በማይበልጥ ፅኑ እስራት እና ብር 100,000.00 (አንድ መቶ ሺ.ህ) በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡
3) ማንኛውም ሰው የብቃት ማረጋገጫ ወረቀት፣ የግብይት ሰነድ፣የልዩ ልዩ አገልግሎት ክፍያ ደረሰኝ፣ የጸና የንግድ ሥራ ፈቃድ፣ የይለፍ ወረቀት መያዝ ሲገባው እነዚህን ማስረጃዎች በወቅቱ በእጁ ሳይዝ የግብርና ምርቶችን ያጓጓዘ ወይም ከአንድ ሥፍራ ወደ ሌላ ሥፍራ የነዳ ወይም ያደረሰ ወይም ለአንድ ጊዜ የሚያጓጉዝበትን ሰነድ ከአንድ ጊዜ በላይ ተጠቅሞ ከተገኘ፣ ህገወጥ ድርጊቱ የተፈጸመባቸው ምርቶች መወረሳቸው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ከሶስት አመት በማይበልጥ ፅኑ እስራት እና ከ ብር 50,000.00 (አምሳ ሺ.ህ) በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

## 26. Criminal Punishment

Unless punishable more rigorously by other laws:

1) Any person, unless allowed by this proclamation and other appropriate laws, if he is found to buy or sell agricultural products on the farm or at places other than legally enclosed market place, save to the confiscation of the product up on which such illegal act is committed, he shall be punishable with simple imprisonment not exceeding six months or fine penalty not exceeding Birr 10,000.
2) If any trader buys or sells agricultural products without modern balance or measurement, sells or buys by reducing its balance or measurement or sells or buys in deceiving the balance or measurement, he shall be punishable with rigorous imprisonment not exceeding five years and fine penalty not exceeding Birr 100,000.
3) If any person, failing to hold or carry evidences like competency assurance certificate, the buying and selling transaction document, receipts for payments of various services, approved trade activity license and pass parmt, found to transport or herd or take agricultural products from place to place or found to transport more than one times by one document, save to the confiscation of the products up on which such illegal act is committed, he shall be punishable with rigorous imprisonment not exceeding three years and fine penalty not exceeding Birr 50,000.

4) Gochi Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumame beekamtii abbaa qabeenyaa konkolaataatiin kan raawwatame yoo ta'e, konkolaataan oomishaaleen kun ittiin geejjibame mootummaan kan dhaalamu ta'a.

5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, konkolaachisaan seeraan ala oomishaalee qonnaa geejjibee argame hidhaa cimaa waggaa sadi hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 50,000.00 hin caalleen ni adabama.

6) Namni kamiiyyuu oomsha bunaa qabatu keeshaa qaaccaa irra hojjetamuun ta'ee biyyaa keessatti kan oomishamus ta'ee kan alaa galfamu keemikaala adda addaa irra bilisa ta'uu isaaf qaama dhimmi ilaaluun mirkanaa'een ala kuusuu fi ittiin geejjibsiisuun marsaa afurii oliif yookiin tajaajila wagga 2 oliif ittifayyadamee yoo argame hidhaa cimaa waggaa 3 gadi hin taane, waggaa 5 hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 60,000.00 hanga qarshii 100,000.00 tiin ni adabama.

7) Namni kamiiyyuu oomishaalee qonnaatti wantoota alagaa ta'an sadarkaa qulqullina oomishaa qofa gadi buusanii fi fayyaa namaa irratti miidhaa kan hin geessisne itti makuun gabaaf dhiyeessee yoo argame, hidhaa salphaa waggaa 3 hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii 30,000.00 hin caalleen ni adabama.

8) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 7 jaltti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, namni kamiiyyuu oomishaalee qonnaatti wantoota alagaa ta'anii fi fayyaa namaa miidhan yookiin summeessan itti makuun gabaaf kan dhiyeesse yoo ta'e, oomishni summaa'e dhabamsiifamuun akkuma jirutti ta'ee, wanti itti makame:

4) በዚህ አንቀፅ ነዑስ አንቀፅ 3 ሥር የተደነገገው ድርጊት የተፈጸመዉ በተሽከርካሪው ባለንብረት እውቅና የተፈጸመ ከሆነ፣ እነዚህ ምርቶች የተጓጓዙበት ተሽከርካሪ በመንግስት የሚወረስ ይሆናል፡፡

5) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 3 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ በሕገ-ወጥ መንገድ የግብርና ምርቶችን ሲያጓጉዝ የተገኘ አሽከርካሪ ከሶስት አመት በማይበልጥ ፅኑ እስራት እና ከ ብር 50,000.00 (አምሳ ሺ.ህ) በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

6) ማንኛውም ሰው መገልገል ያለበትን የቃጫ ጆኒያን ለማከማቻነትና ለመያዣነት ሲጠቀም ከተለያዩ ኬሚካሎች ነፃ ስለመሆኑ ሥልጣን ባለዉ አካል ሳይረጋገጥ ወይም ከአራት ዙር ወይም ከሁለት አመት በላይ ሲገለገልበት የተገኘ እንደሆነ፣ ከሶስት አመት በማይበልጥ ፣ ከአምስት አመት በማይበልጥ ፅኑ እስራት እና ከብር 60,000.00 እስከ ብር 100,000.00 የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

7) ማንኛውም ሰው የግብርና ምርቶችን የጥራት ደረጃ ብቻ የሚቀንሱ እና በሰዎች ጤና ላይ ጉዳት የማያመጡ ባዕድ ነገሮችን በመቀላቀል ለገበያ ያቀረበ እንደሆነ፣ ከሶስት አመት በማይበልጥ ቀላል እሥራት ወይም ከብር 30,000.00 (ሰላሳ ሺ.ህ) በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

8) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 7 ሥር የተደነገገዉ እንደተጠበቀ ሆኖ ማንኛዉም ሰው ጤንነትን የሚጎዱ ወይም የሚመርዙ ባዕድ ነገሮችን ከግብርና ምርቶች ጋር በመቀላቀል ለገበያ ያቀረበ እንደሆነ፤ የተመረዘውን ምርት ማስወገድ እነደተጠበቀ ሆኖ ከምርቱ የተደባለቀው ባዕድ ነገር፡-

4) If the act provided under sub article 3 of this article is committed under the knowledge of the vehicle owner, the vehicle by which these products are transported shall be confiscated by the government.

5) Without prejudice to the provision under sub article 3 of this article, the driver who has transported the agricultural products shall be punishable with rigorous imprisonment not exceeding three years and fine penalty not exceeding Birr 50,000.

6) If any body is found to use a sack made of rubber which is produced localy or imported from abroad which is not assured by the concerned body to be free from various chemicals to store coffee and transport coffee for more than four rounds or use such sack for more than two years, he shall be punishable with rigorous imprisonment not less than 3 years but not exceeding 5 years and fine penalty from Birr 60,000 up to Birr 100, 000.

7) If any person is found to supply agricultural products to the markets by mixing with them alien things which reduce the quality of the product and that do not cause any harm on health, he shall be punishable with simple imprisonment not exceeding three years or fine penalty not exceeding Birr 30,000.

8) Without prejudice to the provision under sub article 7 of this article, if any person is found to supply agricultural products to the markets by mixing to them alien things which are harmful to health or which intoxicate, without prejudice to the disposal of the intoxicated product, if the thing mixed to:

(a) miidhaa fayyummaa yeroo gabaabaa geessisuu kan danda'u yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa 3 gadi hin taanee fi adabbii maallaqaa qarshii 100,000.00 gadi hin taaneen ni adabama.
(b) miidhaa fayyummaa yeroo dheeraa geessisuu kan danda'u yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa 3 gadi hin taanee fi waggaa 5 hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 100,000.00 gadi hin taanee fi qarshii 200,000.00 hin caalleen ni adabama.
(c) miidhaa lubbuu namaa balleessuu geessisuu kan danda'u yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa 5 ol ta'ee fi waggaan 7 hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 200,000.00 gadi hin taanee fi qarshii 300,000.00 hin caalleen ni adabama.
9) Gochi Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 8 jalatti ibsame fayyaa yookiin lubbuu namaa irratti miidhaa yoo geessise seera yakkaa rogummaa qabuun kan gaafatamu ta'a.
10) Namni kamiiyyuu oomishaalee qonnaa nyaataaf yookiin dhugaatiif ooluu fi sadarkaan qulqullina isaa gadi bu'aa ta'e yookiin kan yeroon fayyadamaa irra darbe gurguree yookiin gochaawwan dogongorsaa ta'an raawwatee yoo argame hidhaa cimaa waggaa 7 hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 300,000.00 hin caalleen ni adabama.
11) Qonnaan bultoota fi horsiise bultootan ala namni kamiyyuu oomisha qonnaa oomishitootan ala iddoo hayyamameefiin ala kuusee yookiin qopheessee yookiin qindeessee yoo argame, oomishichi dhaalamuun akkuma eeggameetti ta'ee, hidhaa cimaa waggaa 3 gadi hin taanee waggaa 5 hin caalee fi adabbii maallaqaa qarshii 60,000.00 hanga qarshii 100,000.00 tiin ni adabama.

(ሀ) የአጭር ጊዜ የጤና ጉዳት ማድረስ የሚችል እንደሆነ፣ ከሶስት አመት በማያንስ ፅኑ እስራት እና ከብር 100,000.00 በማያንስ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡
(ለ) የረጅም ጊዜ የጤና ጉዳት ማድረስ የሚችል የሆነ እንደሆነ፣ ከሶስት አመት በማያንስ እና ከአምስት አመት በማይበልጥ ፅኑ እስራት እና ከብር 100,000.00 በማያንስ እና ከብር 200,000.00 በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡
(ሐ) የሰውን ሕይወት የሚያጠፋ ጉዳት ሊያደርስ የሚችል እንደሆነ፣ ከአምስት አመት በላይና ከሰባት አመት በማይበልጥ ፅኑ እስራት እና ከብር 200,000.00 በማያንስ እና ከብር 300,000.00 በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡
9) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 8 ሥር የተደነገገው ድርጊት በሰው ጤና ወይም ህይወት ላይ ጉዳት ያስከተለ እንደሆነ አግባብነት ባለው የወንጀል ሕግ የሚጠየቅ ይሆናል፡፡
10) ማንኛውም ሰው ለምግብነት ወይም ለመጠጥነት የሚውሉና የጥራት ደረጃቸው የወረደ ወይም የአገልግሎት ጊዜያቸው ያለፈባቸውን የግብርና ምርቶች ሸጦ ወይም አሳሳች ድርጊቶችን ፈጽሞ የተገኘ እንደሆነ፣ ከሰባት አመት በማይበልጥ ፅኑ እስራት እና ከብር 300,000.00 በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡
11) ከአርሶ አደሮችና አርብቶ አደሮች በስተቀር ማንኛውም ሰው የግብርና ምርቶችን ባልተፈቀደላቸው ቦታ አከማችቶ ወይም አቀነባብሮ የተገኘ እንደሆነ፣ የምርቱ መወረስ እንደተጠበቀ ሆኖ ከሶስት አመት በማያንስና ከአምስት አመት የማይበልጥ ፅኑ እስራት እና ከብር 60,000.00 እስከ 100,000.00 በሚደርስ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

(a) Can cause short-term health problem, he shall be punishable with rigorous imprisonment less than three years and fine penalty less than Birr 100,000.
(b) Can cause long term health problem, he shall be punishable with rigorous imprisonment not less than 3 years and not exceeding 5 years and fine penalty not less than Birr 100,000 and not exceeding 200,000 Birr.
(c) Can cause an injury that leads to lose of life or death, he shall be punishable with rigorous imprisonment above 3 years and not exceeding 7 years and fine penalty above Birr 200,000 and not exceeding 300,000 Birr.
9) If the act provided under sub article 8 of this article is caused harm on the health or life of human beings, he shall be criminally liable under the appropriate criminal law.
10) If any person is found to sell agricultural products which are below their quality standard to be used for food or drink or products which their consumption period expired or found to commit deceiving acts, he shall be punishable with rigorous imprisonmentnot exceeding 7 years and fine penalty not exceeding 300,000 Birr.
11) Exept the farmers and pastoralists, If any person is found to store or prepare or process agricultural products at place not permitted for him, save to the confiscation of the product, he shall be punishable with rigorous imprisonment not below 3 years and not exceeding 5 years and fine penalty from Birr 60,000 up to 100,000 Birr.

12) Konkolaachisaa fi abbaa qabeenyaa oomishaalee qonnaa konkolaataa qulqullina hin qabne, ulaagaa hin guutne yookiin sadarkaa isaa hin eegneen kan geejjibe yoo ta'e, hidhaa salphaa waggaa 3 hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 40,000.00 hin caalleen ni adabama.

13) Namni kamiiyyuu oomishaalee qonnaa iddoo geessuuf hayyamameefiin ala yookiin iddoo hin beekamne yoo geesse, yookiin sarara hin hayyamamneen ala osoo geejjibuu yoo argame, oomishni gochi seeraan alaa irratti raawwatame dhaalamuun akkuma jirutti ta'ee, hidhaa cimaa waggaa 3 gadi hin taanee waggaa 5 hin caalee fi adabbii maallaqaa qarshii 60,000.00 hanga qarshii 100,000.00 tiin ni adabama.

14) Namni kamiiyyuu lammii biyya alaa hayyama investimantii hin qabneef gabaa oomishaa qonnaa biyya kessaa fi alaa irratti akka hirmaatu haala yoo mijeesse yookiin hayyama isaa dabarsee yoo kenneef, hidhaa salphaa waggaa 5 hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 150,000.00 hin caalleen ni adabama;

15) Namni kamiiyyuu galteewwan oomisha qonnaatiif oolan kan yeroon irra darbee fi kan fayyaa namaa irratti miidhaa geessisu fayyadamee yoo argame, oomishni gochi seeraan alaa irratti raawwatame maqfamuun isaa akkuma jirutti ta'ee, hidhaa cimaa waggaa 1 gadi hin taanee waggaa 5 hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 50,000.00 hanga qarshii 100,000.00 tiin ni adabama.

16) Namni kamiiyyuu tumaa Labsii kana Keewwata 23 Keewwata Xiqqaa 24 darbee yoo argame hidhaa salphaa waggaa 1 hin caallee yookiin adabbii maallaqaa qarshii 30,000.00 hin caalleen ni adabama.

12) ማንኛውም አሽከርካሪ እና ባለሃብት የግብርና ምርቶችን ንፅህና በሌለው፣ መስፈርቱን በማያማላ ወይም ደረጃውን ባልጠበቀ ተሽከርካሪ ያጓጓዘ እንደሆነ፣ ከሶስት ዓመት በማይበልጥ ቀላል እስራት እና ከብር 40,000.00 በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

13) ማንኛውም ሰው የግብርና ምርቶችን ለማድረስ ከተፈቀደለት ቦታ ውጪ ወይም ወዳልታወቀ ሥፍራ የወሰደ ወይም ባልተፈቀደ የጉዞ መስመር ሲያጓጉዝ የተገኘ እንደሆነ፣ ሕገ-ወጥ ድርጊቱ የተፈፀመበት ምርት መወረሱ እንደተጠበቀ ሆኖ ከሶስት አመት በማያንስ ከአምስት ዓመት በማይበልጥ ፅኑ እስራት እና ከብር 60,000.00 እስከ 100,000.00 በሚደርስ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

14) ማንኛውም ሰው የኢንቨስትመንት ፈቃድ ለሌለው የዉጭ ዜጋ በሀገር ውስጥና በውጭ የግብርና ምርት ንግድ ላይ እንዲሳተፍ ሁኔታዎችን ያመቻቸ ወይም የራሱን ፈቃድ አሳልፎ የሰጠው እንደሆነ፣ ከአምስት አመት በማይበልጥ ቀላል እስራት እና ከብር 150,000.00 በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

15) ማንኛውም ሰው የአገልግሎት ጊዜያቸው ያለፈባቸው እና በሰው ጤንነት ላይ ጉዳት የሚያደርሱ ለግብርና ምርት የሚውሉ ግብዓቶችን ተጠቅሞ የተገኘ እንደሆነ፣ ህገወጥ ድርጊቱ የተፈፀመበት ምርት መወገዱ እንደተጠበቀ ሆኖ ከአንድ አመት በማያንስና ከአምስት አመት በማይበልጥ ፅኑ እስራት እና ከብር 50,000.00 እስከ 100,000.00 በሚደርስ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

16) ማንኛውም ሰው የዚህን አዋጅ አንቀፅ 23 ንዑስ አንቀጽ 24 ድንጋጌ ተላልፎ የተገኘ እንደሆነ፣ ከአንድ ዓመት በማይበልጥ ቀላል እስራት ወይም ከብር 30,000.00 ባልበለጠ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

12) If the driver and vehicle owner found ransporting agricultural products by a vehicle which is not clean (quality), does not fulfill the criteria and which is not standard quality he shall be punishable with simple imprisonment not exceeding 3 years and fine penalty not exceeding Birr 40,000 up to 100,000 Birr.

13) If any person is found taking agricultural product to place not allowed for him or to take same to unknown place or found to transport on route not allowed for him, save to the confiscation of the products up on which such illegal act is committed, he shall be punishable with rigorous imprisonment not less than three years and not exceeding 5 years and fine penalty from Birr 60,000 up to Birr 100,000.

14) If any person facilitates conditions for a foreign citizen who has no investment license to participate on local and foreign markets of agricultural products or transfers his license to him, he shall be punishable with simple imprisonment not exceeding 5 years and fine penalty not exceeding Birr 150,000.

15) If any person is found to expired agricultural inputs which is harmful to health, save to the disposal of the products up on which such illegal act is committed, he shall be punishable with rigorous imprisonment not less than one year and not exceeding 5 years and fine penalty from Birr 50,000 up to Birr 100,000.

16) If any person is found to violate the provision under Article 23(24) of this proclamation, he shall be punishable with simple imprisonment not exceeding one year or fine penalty not exceeding Birr 30,000.

17) Konkolaachisaan konkolaataa oomishaalee qonnaa geejjibu kamiiyyuu taarifa gatii fe'iinsaa goggogaa fi dhangala'aa mootummaan kaa'een ol kaffalchiisee yoo argame konkolaataa hanga kuntaala 100 fe'u adabbii maallaqaa qarshii 20,000.00 hanga qarshii 30,000.00; konkolaataa kuntaala 101 ol fe'u adabbii maallaqaa qarshii 50,000.00 hanga qarshii 100,000.00 ni adabama.

18) Balleessaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 17 jalatti ibsame irra deebi'ee waggaa tokko keessatti yeroo lammaaffaaf yoo raawwate adabbichi dachaan ta'a; waggaa tokko keessatti yeroo sadii ol raawwatee yoo argame Abbaa Taayitaa Geejjibaa waliin ta'uun hayyamni gahumsaa konkolachisummaa isaa ni haqama.

19) Daldalaan oomishaalee qonnaa daldalu kamiiyyuu gatii ittiin bitame irratti bu'aa waliigala Dambiidhaan murtaa'ee ol dabalee gurguree yoo argame, hidhaa cimaa waggaa 5 hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 200,000.00 hin caalleen ni adabama.

20) Daldalaan yookiin furdisaan kamiiyyuu beeyilada ogeessaan hormaataaf kan hin oolle ta'uun mirkanaa'e yoo ta'e malee, beeyilada kan biroo qalmaaf yoo dhiyeesse yookiin gabaa biyyaa alaatiif yoo dhiyeesse, beeyiladichi dhaalamuun akkuma jirutti ta'ee, hidhaa cimaa wagga 1 hanga wagga 5 gahuu fi adabbii maallaqaa qarshii 50,000.00 hanga qarshii 100,000.00'n ni adabama.

21) Daldalaan kamiiyyuu beeyilada mana qalmaatiin yookiin qeeraan alatti qaluun foon gurgutaaf dhiyeessee yoo argame, foonicha baasii isaatiin kan dhabamsiifamu ta'uun akkuma jirutti ta'ee, hidhaa cimaa waggaa 3 hanga wagga 7 gahuu fi adabbii maallaqaa qarshii 100,000.00 hanga qarshii 150,000.00 tiin ni adabama.

17) የግብርና ምርቶችን የሚያጓጉዝ ማንኛውም አሽከርካሪ መንግስት ካስቀመጠው የደረቅና ፈሳሽ የጭነት ታሪፍ ዋጋ በላይ አስከፍሎ የተገኘ እንደሆነ፣ እስከ 100 ኩንታል ለሚጭን ተሽከርካሪ ከብር 20,000.00 እስከ 30,000.00፤ ከ101 ኩንታል በላይ ለሚጭን ተሽከርካሪ ከብር 50,000.00 እስከ 100,000.00 በሚደርስ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

18) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 17 ሥር የተገለፀውን ጥፋት በአንድ አመት ውስጥ ለሁለተኛ ጊዜ የተፈፀመ እንደሆነ ቅጣቱ እጥፍ ይሆናል፤ ድርጊቱ በአንድ አመት ጊዜ ውስጥ ከሶስት ጊዜ በላይ ፈጽሞ የተገኘ እንደሆነ፣ ከትራንስፖርት ባለሥልጣን ጋር በመሆን የአሽከርካሪነት የብቃት ማረጋገጫ ፈቃዱ ይሠረዛል፡፡

19) በግብርና ምርት ንግድ ላይ የተሰማራ ማንኛውም ነጋዴ በደንብ ከተወሰነው ጠቅላላ ትርፍ በላይ በመጨመር ሸጦ የተገኘ እንደሆነ፣ ከአምስት ዓመት በማይበልጥ ፅኑ እስራት እና ከብር 200,000.00 በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

20) ማንኛውም ነጋዴ ወይም አድላቢ ለእርባታ የማይውሉ እንስሳት መሆናቸው በባለሙያ ካልተረጋገጠ በስተቀር ሌሎች እንስሳትን ለእርድ ወይም ለውጭ ገበያ ያቀረበ እንደሆነ፣ የእንስሳቱ መወረስ እንደተጠበቀ ሆኖ ከአንድ አመት እስከ አምስት አመት በሚደርስ ፅኑ እስራት እና ከብር 50000.00 እስከ 100,000.00 በሚደርስ የገንዘብ መቀጮ የቀጣል፡፡

21) ማንኛውም ነጋዴ እንስሳትን ከእርድ ቤት ወይም ከቄራ ውጪ በማረድ ሥጋን ለሽያጭ አቅርቦ የተገኘ እንደሆነ፣ ሥጋው በርሱ ወጪ መወገዱ እንደተጠበቀ ሆኖ ከሶስት አመት እስከ ሰባት አመት በሚደርስ ፅኑ እስራት እና ከብር 100,000.00 እስከ 150,000.00 በሚደርስ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

17) If any driver transporting agricultural products is found to paid transport cost more than the transport tariff for solid and liquid loads set by the government,the vehicle carrying up to 100 quintals shall be punishable with fine penalty from Birr 20,000 up to Birr 30,000; and the vehicle carrying more than 101 quintals shall be punishable with fine penalty from Birr 50,000 up to Birr 100,000.

18) If he commits the offense specified under sub article 17 of this article for the second times in one year, the penalty shall be double of the first one, and if he is found to commit such offense for more than three times in one year, his driving competency license shall be cancelled in collaboration with Transport Authority.

19) If any trader trading agricultural products found to sell by adding gross profit more than determined by regulation on the price in which he has bought, he shall be punishable with rigorous imprisonment not exceeding 5 years and fine penalty not exceeding Birr 200,000.

20) If any trader or fattener, unless livestock confirmed by professional not to be used for reproduction, supplies other livestock for slaughtering, or supplies for foreign markets, save to confiscating the livestock, he shall be punishable with rigorous imprisonment from 1 year to 5 years and fine penalty from Birr 50,000 to Birr 100,000.

21) If any trader found to slaughter livestock out of slaughter house or outside butchery and supply the meat for sale, save to the dumping of the meat in his own expense, he shall be punishable with rigorous imprisonment from 3 year to 7 years and fine penalty from Birr 100,000 to Birr 150,000.

22) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-21 jalatti tumame akkuma eeggametti ta'ee; qaama Labsii kana raawwachiisu dabalatee namni kamiiyyuu Keewwattoota Labsii kanaa keessatti ibsaman kamiiyyuu darbee yoo argame, hidhaa salphaa waggaa 3 hin caalleen yookiin qarshii 30,000.00 hin caalleen ni adabama.

**27. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiiyyuu Labsii kanaa fi Dambii yookiin Qajeelfama bu'uura Labsii kanaatiin bahu raawwachiisuuf deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

**28. Seerota Haqamanii fi Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

1) Labsii Sirna To'annoo, Qulqullinaa fi Daldala Buna Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakkoofsa 160/2002 Labsii kanaan haqamee jira.
2) Labsiin, Dambiin, Qajeelfamni yookiin barmaatileen hojii Labsii kanaan walfaallessan kamiiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**29. Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu**

1) Manni Marii Bulchiinsaa Labsii kana raawwachiisuuf Dambii baasuu ni danda'a.
2) Biirichi Seektara Qonnaa Dhimmi ilaallatu qindeessuun Labsii fi Dambii bu'uura Labsii kanaatiin bahu raawwachiisuuf Qajeelfama akka baasan taasisuu ni danda'a.

**30. Yeroo Labsiin Kun Hojiirra Itti Oolu**

Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfamee bahe irra eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee,**
**Guraandhaala 21 Bara 2013**
**Shimallis Abdiisaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

22) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ 1 እስከ 21 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ይህን አዋጅ የሚያስፈፅሙ አካላትን ጨምሮ ማንኛውም ሰው በዚህ አዋጅ ውስጥ የተደነገጉትን ማናቸውንም አንቀጾች ተላልፎ የተገኘ እንደሆነ፣ ከሶስት አመት በማይበልጥ ቀላል እስራት ወይም ከብር 30,000.00 በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

**27. የመተባበር ግዴታ**

ማንኛውም ሰው ይህን አዋጅና በአዋጁ መሠረት የሚወጣውን ደንብ ወይም መመሪያ ለማስፈፀም የመተባበር ግዴታ አለበት፡፡

**28. የተሻሩና ተፈጻሚነት የማይኖራቸው ሕጎች**

1) የኦሮሚያ ክልል የቡና ጥራት እና ገበያ ቁጥጥር ሥርዓት አዋጅ ቁጥር 160/2002 በዚህ አዋጅ ተሽሯል፡፡
2) ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረን ማናቸውም አዋጅ፣ ደንብ፣ መመሪያ ወይም ልማዳዊ አሰራር በዚህ አዋጅ ውስጥ በተሸፈኑት ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም፡፡

**29. ደንብና መመሪያ የማውጣት ሥልጣን**

1) የመስተዳደር ምክር ቤቱ ይህን አዋጅ ለማስፈፀም ደንብ ሊያወጣ ይችላል፡፡
2) ቢሮው ጉዳዩ የሚመለከተውን የግብርና ሴክተር በማስተባበር አዋጁንና በዚህ አዋጅ መሠረት የሚወጣውን ደንብ ለማስፈጸም መመሪያ እንዲያወጡ ሊያደርግ ይችላል፡፡

**30. አዋጁ የሚጸናበት ጊዜ**

ይህ አዋጅ በመገለተ ኦሮሚያ ታትሞ ከወጣበት ቀን ጀምሮ የጸና ይሆናል፡፡

**ፊንፊኔ**
**የካቲት 21 ቀን 2013 ዓ.ም**
**ሺመልስ አብዲሣ**
**የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት**

22) Without prejudice to the provision under sub article 1-21 of this article, any person including the body implementing this proclamation found committing the provisions of this proclamation shall be punishable with simple imprisonment not exceeding 3 year and fine penalty not exceeding Birr 30,000.

**27. Duty to Cooperate**

Any body bears obligation to give support for the implementation of this proclamation and regulation or directive to be issued in pursuant to this proclamation.

**28. Repealed and Inapplicable Laws**

1) Oromia Region Coffee quality and trade control system proclamation number 160/2010 is hereby repealed by this proclamation.
2) Any proclamation, regulation or directive or customary work practices in concistent with this proclamation shall not be applicable on the matters covered under this proclamation.

**29. Power to Issue Regulation and Directive**

1) The administrative council may issue regulation to implement this proclamation.
2) The Bureau may, by coordinating the concerned agriculture sectorcausedirective to be issued for the implementation of the proclamation and regulation to be issued in accordance with this proclamation.

**30. Effective Date**

This proclamation shall enter in to force as of the date of its publication on Megeleta Oromia.

**Finfine,**
**February 28, 2021**
**Shimelis Abdisa**
**President of Oromia Regional State**